# XIINXALA DANDEETTII BARREESSUU BARSIISOTA AFAAN OROMOO MANNEEN BARNOOTA SADARKAA TOKKOFFAA KUTAA 5-8 AANAA QARSAA

**ZUMARAA ABBAA MACCAA ABBAA WAARRIITIIN**

**GORSITUUN: ERISTEE AKKAWAAQ (MA) GARGARAA (Prof)**
**G/GARGAARAAN: YESHII ITTICHAA (MA)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'E, YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIF KAN DHIYAATE**

**ADOOLESSA, 2016**
**JIMMAA, OROMIYAA**

**YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA MUUMMEE BARNOOTAA AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU**

# XIINXALA DANDEETTII BARREESSUU BARSIISOTA AFAAN OROMOO MANNEEN BARNOOTA SADARKAA TOKKOFFAA KUTAA 5-8 AANAA QARSAA


**QORATTUUN : ZUMARAA ABBAA MACCAA ABBAA WAARRII**

**GORSITUUN: ERISTEE AKKAWAAQ (MA) GARGARAA (Prof)**

**G/GARGAARAAN: YESHII ITTICHAA (MA)**



**ADOOLESSA, 2016**

**JIMMAA, OROMIYAA**

## Mirkaneessaa

Waraqaan qorannoo mata-dureen isaa "xiinxala dandeettii barreessuu barsiisota afaan oromoo manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa kutaa 5-8 aanaa qarsaa" jedhu kun hojii koo kan ta'ee fi hojii nama biroo akka hin taane nan mirkaneessa.

Qorattuun: Zumaraa Abbaa Maccaa Mallattoo ____________ Guyyaa ___________

Waraqaan qorannoo Kun gorsa ani kenneen ulaagaa guutuuf akka dhiyaatu nan mirkaneessa.

Gorsituun: Eristee Akkawaaq Mallattoo ____________ Guyyaa ____________

G/Gargaaraan: Yeshii Ittichaa Mallattoo___________ Guyyaa_____________

Qoraa Keessoo: Cimdii Waaqumaa: Mallatoo:____________ Guyyaa: _____________

Qoraa Alaa: Maqaa__________________ mallattoo_____________ Guyyaa____________

## GALATA

Duraan dursee Rabbii fayyaa naaf kennee hojii kana akkan hojjedhuuf na gargaare galanni haagahu. Itti aansuun gorsituu koo Eristee Akkawaaq nuffii tokko malee adeemsa qorannoo kanaa milkeessuuf jalqabaa hanga dhumaatti yaadaa fi gorsa hamilee namatti horuu fi nama qajeelchu naaf kennuun milkaa'ina kaayyoo qoraannoo kootiif deeggarsi naaf godhan yoomiyyuu kan dagatamuu miti. Bifuma walfakkaatuun,gargaaraa gorsaa koo kan ta'an  Yeshii Ittichaa hojii koo irratti yaadaa fi beekumsa isaanii naaf qooduun deeggarsa naaf godhaa turaniif guddaan galateeffadha..Walumaagalatti,maatii fi hiriyoottan koo warrii kallattii fi alkallattiin na bira dhaabbattan hundi keessan galatoomaan isiniin jedha

## Axareeraa

*Qorannoon kun mata duree"Xiinxala dandeettii barreessuu barsiisota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa kutaa* 5-8 *" yeroo ta'u, bakki inni irratti adeemsifame ammoo godina Jimmaa Aanaa Qarsaati.Qorannoo kana adeemsisuuf wantoonni qorattuu kakaase hojii supparviizyinii barnootaaf yeroo manneen barnootaa adda aaddaa deemaa turtetti rakkooleen dandeettii barreessuun walqabatan baay'inaan jiraachuu isaa waan hubatteefi..Kaayyoon qorannoo kanaas,Dandeettii barreessuu barsiisota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 Aanaa Qarsaa xiinxaluudha.Kaayyoo kana galmaan ga'uuf qorattuun gosa qorannoo ibsaa kan fayyadamte yeroo ta'u, meeshaalee funaansa ragaa sakatta'a barruu, daawwannaa fi qormaata.Tooftaa iddatteessuu mti carraa fayyadamuun barsiisota irraa ragaalee walitti qabdee jiri.Ragaalee walitti qabaman ammoo yaaxxina adeemsaa fi bu'aatti gargaaramuun odeeffannoo kana xiinxaltee jirti..Bu'aa xiinxala kanaatiin argannoowwan argaman:rakkoon dandeettii barreessuu keessatti barsiisota biratti argaman,hanqina dandeettii qubeessuu,hanqina itti fayyadama sirna tuqaalee fi qub-guddeessaa,hanqina seerlugaa,himaa fl keeyyataa ta'uu bira geessee jirti. Sababoonni hanqinoota kanaa ammoo yeroo barreessan xiyyeeffannoo kennuu dhabuu, waan barreessan irra deebi'anii dubbisuu dhabuu, namoonni afaan oromootiin hin leenjine gosa barnoota afaan oromoo barsiisuufaadha. Rakkoo kana maqsuuf ammoo barsiisaan dhaloota borii qara waan ta'eef kana hubatee dandeettii afaan oromootiin barreessuu osoo gabbifatee gaariidha.*

# Ibsaa Gabateewwanii

Gabatee 1. 4.1: odeeffannoo dhuunfaa odeeffannoon irraa funaaname kan agarsiisu. ....... 32

Gabatee 2. 4.2 Odeeffannoo Gosa Barnootaa Barsiisota Iddattoof Filatamanii.................. 33

Gabatee 3. 4.3 Xiinxala Jechoota Sagaleen Osoo Gabaabbachuu Qabuu DHeereffamee Qubeeffame ........................................................................................................ 35

Gabatee 4. 4.4:Xiinxala Dogoggoroota Jechoota Osoo Dheerachuu Qabanii Gabaabbatanii barreeffamanii......................................................................................................... 37

Gabatee 5. 4:5 Xiinxala Dogoggora Jechoota Osoo Laafuu Qabanii Jabeessuun Barreeffaman ............................................................................................................................... 38

Gabatee 6. 4 :6 Xiinxala Dogoggora Jechoota Sagalee Osoo jabaachuu qabanii Laaffisuun Barraa'an.............................................................................................................. 38

Gabatee 7. 4.7 Xiinxala Dogoggora Jechoota Irra butaan Osoo Barbaadanii Irra buta Malee Barreeffaman ......................................................................................................... 39

Gabatee 8. 4.8 Xiinxala Dogoggora Jechootaa Hudhaan Barbaadanii ............................... 39

Gabatee 9. 4.9 Xiinxala Dogoggora Qub- guddeessaa.................................................. 42

Bafata

**Qabiyyee** **Fulaa**

Mirkaneessaa ........ 3
GALATA ........ 3
Axareeraa ........ ii
Ibsaa Gabateewwanii ........ iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 7
1.1 Seenduubee qorannichaa ........ 7
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 9
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........ 11
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 11
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 11
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 11
1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 12
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 12
1.7 Naamusa Qorannichaa ........ 12
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WAL FAKKII ........ 13
2.1.Barreessuu ........ 13
2.2 Kaayyoo Barreessuu ........ 14
2.3 Faayidaa Barreessuu ........ 15
2.4 Maalummaa Dandeettii Barreessuu ........ 16
2.5 Tarsiimoo Dandeettii Barreessuu Ittiin Fooyyeffamu ........ 16
2.4.1 Haala Dhiyeenya Too'atamaan/ daangeffamaa Barreessuu ........ 17
2.4.2 Haala Dhiyeenya Qajeelfamaan Barreessuu ........ 17
2.4.3 Walabaan Barreessuu/Free Writting ........ 18
2.4.5 Haala Dhiyeenyaa Waliindubbii (The Communicative Approach) ........ 19
2.4.5 Haala Dhiyeenyaa Adeemsaa /The Process Approach) ........ 19
2.6 Gulantaalee Barreessuu ........ 19

2.5.1 Gulantaa Barreessuu duraa/prewriting ... 19
2.5.2 . Wixineessuu/Drafting ... 20
2.5.3 Keessa Deebi'uun Gulaaluu/revising ... 20
2.5.4. Dubbisuun Sirreessuu/editing ... 21
2.5.5. Xumuraaf barreessuu yookiin dhiheessuu/publishing ... 21
2.6 Hariiroo Barreessuu fi Dandeettiiwwan Afaanii Kanneen Biroo ... 22
2.8 Sababoota Barreessuu Hojii Ulfaataa Taasisan ... 22
2.9. Maddoota Hanqinaan Barreessuu ... 24
2.10. Wantoota Barreessuu Keessatti Dogoggoraaf Nama Saaxilan ... 25
2.11. Rakkoolee dandeettii barreessuurratti nama mudatan ... 25
2.12. Tooftaa Ittiin Dandeettii Barreessuu Gabbifatan ... 26
2.13 Yaaxxina Qorannichaa ... 26
2.12. Qorannoo Walfakkii ... 27
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA ... 29
3.1. Saxaxa Qorannichaa ... 29
3.2. Mala Qorannichaa ... 29
3.3 Madda odeeffannoo qorannichaa ... 29
3.4 Irraawwatama Qorannichaa ... 30
3.5 iddattoo qorannichaa ... 30
3.6 mala iddatteessuu ... 30
3.7 Meeshaalee Oddeeffannoon Ittiin Funaaname ... 30
3.7.1 Sakatta'a Dokumantii /Galmee/ ... 31
3.7.2 Daawwannaa ... 31
3.7.3 Qormaata ... 31
3.8 Mala Oddeeffaannoon ittiin Xiinxalamee fi Qaacceffame ... 31
BOQONNAA AFUR: RAGAA XIINXALUU FI QAACCESSUU ... 32
4.1 Odeeffannoo Dhuunfaa Barsiisota Odeeffannoo Kennanii ... 32
4.2 Xiinxala Ragaalee Madda Sakatta'a Dokumantii, daawwiifi qormaata Irraa Argame ... 34

4.2 Xiinxala Madda Ragaalee gama sirrummaa fi dogoggoraatiin ........ 34
4.3.1 Xiinxala Hanqina Qubeessuu wal qabatan ........ 35
4.3.2. Xiinxala Dogoggora Sirna Tuqaalee Barreeffama Keessatti ........ 41
4.3.3 Xiinxala Itti Fayydamiinsa Qub-Guddeessaa ........ 42
4.2.4 Xiinxala Hanqina seer-lugaa Hima Keessatti ........ 44
4.2.5 Xiinxala Dogoggoraa Keeyyata Keessatti ........ 45
4.4. Madda Hanqinoota Dandeettii Barreessuu ........ 45
4.5 Tooftaa Hanqinoota Dandeettii Barreessuu Ittiin Xiqqeeffamuu Danda'AMU ........ 46
BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ........ 47
5.1 Goolaba ........ 47
5.2 Argannoo ........ 47
5.3. Yaada Furmaataa ........ 48
Wabiilee ........ 50
DABALEE 'A'- ........ 52
DABALEE 'B' ........ 54
DABALEE C ........ 54
DABALEE 'D' ........ 60

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee qorannichaa

Afaan Oromoo Itoophiyaa keessatti bal'inaan akka dubbatamu hayyoonni garaa garaa ibsaniiru.Akka hayyuun Gragg(1976,f.166**)** ibsetti,"The Oropmo language is spoken over alarge area extending from wello in the north to northkenya in south,and from wellegga in the west to Harar in the east. Addis Ababa in the intersection of twoaxes," jechuun ibsa. Yaada kana irraa wanti hubatamu Afaan Oromoo biyyoota bal'aa gama kaabaan hanga walloo,kibbaan hanga kaaba keenaiyaatti , kallattii dhihaan hangaa wallaggatti, bahaan immoo hanga hararitti fi finfinneetti handhuura biyyattii keessattillee afaan bal'inaan dubbatamu ta'uu isaati.Kana malees, Afaan Oromoo sadarkaa naannoo fi biyyaarra darbee sadarkaa Afrikaattillee beekamtii kan qabu ta'uu hubanna.

Waa'ee barreessuu ilaalchsee,hayyoonni adda addaa yaada gara garaa kaa'aniiru.Kana ilaalchisee,Byrne (1979,f.3) waa'ee barreeffamaa yommuu ibsu akkas jedha,"Barreeffama jechuun bakka bu'aa afaanii kan haala mul'ataa ta'een ittiin walii galan ta'uu isaa ibsa.Afaan tokko walqunnamtii hawaasaatiif iddoo olaanaa qabaachuu isaa agarsiisa.

Dabalataan,Afaan Oromoo,Afaan barreeffamaa ta'ee barreeffamoonni gara garaa daree barnootaas ta'ee daree barnootaan alatti barreeffamaa akka jiru beekamaadha

Dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa dandeettiin barreessuu sadarkaa kamittuu kan barsiifamuu fi kan irratti xiyyeeffatamuudha.Kanamalees,dandeettiin barreessuu dandeettii yookiin ogummaa yaada sammuu ofii keessa jiru tokko haala sirrii fi nama dubbisu biratti hubatamuu danda'uun waraqaarra kaa'uun wal qabata waan ta'eef itti yaaduu gaafata. Dandeettiin kun mallattoolee yookiin qubee afaanichaa adda baafachuurraa jalqabee hanga seera mallattoolee qindeessuun jechootaa fi yaada mallattoolee kanaan bakka buusuun ibsutti kan adeemuudha.Yaada kana Rechard and Schamidt (2002,f.529) akkana jechuun ibsa"writing is viwed as a result of complex process of planning,drafting,reviewing and revising" jedha.Akka yaada kanaatti barreessuun adeemsa wal xaxaa karoorsuu, wixineessuu,gulaaluu fi irra deddeebiin barreessuu kan gaafatu ta'uusaa ibsa.

Yaaduma kana ilaalchisee Geetaachoon (2004) akka ibsutti,“barreessuun qubeewwan yookiin mallattoolee ummatni irratti walii galeen fayyadamuudhaan waraqaa, dhagaa, sibiilaa fi kanneen kana fakkaatan irratti qubeessuudhaan ergaa nama biraatti dabarsuudha.” jedha. Yaada Kanarraa wanti hubatamus, barreessuun gocha yaada  sammuu keenya keessa jiru tokko karaa ittiin jechootaan qindeessinee dabarsinu ta’uu isaati.

Sagaleen mallattoo afaanicha bakka bu’e kun seeraan tarreessuun yaadaa fi ilaalcha bocuun tursuun tooftaa barreeffamoota jijjiiruuf ergaa barbaadame daangaa yeroo darbee fi iddoo tokkoo gara isa birootti akka darbu gochuun ni danda’ama.Kaanaafuu,dandeettii barreessuu gabbifachuun baay’ee barbaachisaadha.Dandeettii kana gabbifachuuf shaakala beekumsa irratti hundaa’e gochuun akka barbaachisu hubanna.Kanuma ilaalchisee Wasanee(1996,f.61) akka jedhutti,“Adeemsa afaan barachuu keessatti dandeettiin barreessuu isa tokkoo fi  bakka olaanaa kan qabuudha.”jedha. Yaada kanarraa kan hubachuu qabnu dandeettiin barreessuu adeemsa afaan barachuu keessatti bakka olaanaa qabaachuu isaati.

Galma ga’iinsi yookiin ciminni barsiisaa afaanii tokkoos kan irratti hundeeffamu,dandeettii barreessuu yoomessa barnootaa keessatti qabu irrattiidha.Kanaafuu,barsiisonni dandeettii barreessuu isaanii gabbifachuun barbaachisaa ta’uusaa caalayyuu dirqama ta’uusaati.Sababni isaas,barsiisaan tokko yoomessa barnootaa keessatti sadarkaa irra jiru wajjiin haala walmadaaluu fi dubbisaan isaa hubachuu danda’uun yaada isaa ibsuu qaba. Miidhaan  hanqina dandeettii barreessuu  barsiisota  Afaan  Oromootiin  dhufuu  danda’u hiika waan barbaadamee sana jijjiiruu danda’a.Adeemsa baruu- barsiisuu irratti miidhaa fiduu danda’a.Ergaa darbu sana hir’uu taasisuu danda’a. Karaa biraatin,akka namni barruu Oromoo hin dubbisneef, yoo dubbisees,akka ergaa barreeffamichaa hin hubanneef danqaa ta’a.

Akka walii galaatti,dandeetiin barreessuu dandeettii ykn ogummaa yaada sammuu ofii keessa jiru tokko haala sirrii fi nama dubbisu biratti hubatamuu danda’uun waraqaarra kaa’uun wal qabata waan ta’eef itti yaaduu gaafata. Dandeettiin kun mallattoolee ykn qubee afaanichaa adda baafachuurraa jalqabee hanga seera mallattoolee qindeessuun jechootaa fi yaada mallattoolee kanaan bakka buusuun ibsutti kan adeemuudha.

Kanumarraa ka’uun, barsiisonni dandeettii Afaan Oromootiin wantoota akka karoora( guyyaa,torbanii,waggaa),DOW fi gabaasa hojii adda addaa  barreessuu ilaalchisee rakkoowwan

mul’atan adda baasuu fi madda isaanii sakatta’uun furmaata kaa’uuf xiyyeeffachuun kan gaggeeffameedha**.**

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Dandeettiin barreessuu karaa ittiin barreessaa fi dubbisaan walquunnaman keessaa isa tokko ta’ee, sadarkaa adda addaatti tajaajila garaa garaa kenna.Kunis,barsiisonni mana barumsaa keessatti dandeettii kana fayyadamuun waan barsiisanii fi barreessan,waan dubbisanii fi waan ijaan arganirraa odeeffannoo kuufachuuf akka barreessaniif dandeettiin barreessuu baay’ee murteessaadha.Keessumattuu yeroo ammaa kana afaan oromoo handhuura biyya keenyaa Finfinnee keessatti manneen barnootaa Afaan Oromoo barsiisan heddu banamanii jiru.Akkasumas,naannolee ollaa keessatti akka afaan lammaffaatti ittiin baratamuurra jira.Kunis,kan agarsiisu afaanichi akkuma baay’ina saba isaatti afaan dhiibbaa uumaa jiru,afaan,siyaasaa,saayinsii fi teeknoolojii ta’aa deemaa jira.Haata’u malee,gama dandeettii barreessuu afaan oromoo gaafa ilaallu ammoo bakka adda addaatti dogoggoroota heddu argina.Afaanichi seera mataa isaa eegee yoo barraahee fi keessumattuu,afaan teeknoolojii taasisuuf caasaan afaanichaa xiinxalamuun gahee guddaa qaba.Kunis,sirna qubeessuu irraa jalqabee hanga caasaa olaanaatti heddu barbaachisa.Karaa barreeffamaa eenyummaan hawaasa tokkoo osoo hin jallatin dhalootaa dhalootatti darba.

Kana malees, barreessuun karaa ittiin aadaan, seenaan, duudhaan hawaasaa dhaloota moofaa irraa gara dhaloota haaraatti darbaniidha.Kanaan walqabatee dandeettiin barreessuu barattootaa fi barsiisota keenyaa maal fakkaata jedhanii of gaafachuun gaariidha.Mudannoo fi muuxannoon nuti qabnu, wanti nuti daandii gubbaatti arginu gaafii nutti uumuun isaa waan hin oolleedha.

Qorannoon kun mata duree ”xiinxala dandeettii barreessuu barsiisota Afaan Oromoo ”jedhu kanarratti gaggeeffamuuf ka’umsa ta’e, kan argame bara 2013 fi 2014 yeroo muuxannoo wal jijjiirraaf ykn daawwannaaf mana barumsaa waachoo fi mana barumsaa sadarkaa 1ffaa nagaasii deemtetti gabaasa hojii (poortifooliyoo),faayila qormaata xumuura seemisteeraa,faayila barsiisotaa daawwachuun waan hubatteef bu’uura ka’umsa qorannoo kanaa ta’eef.

Sochii daawwannaa faayiloota adda addaaf taasifame kana keessatti barsiisoonni tokko tokko akkaataan barreessu isaanii dogoggora adda addaatu mul’ate. Kanarraa ka’uun,rakkoo fi ka’umsi

dogoggoorota kanaa maal ta'uu danda'a,akkamitti xiqqeessuun danda'ama isa jedhu irraa ka'uun mata duree qorannoo"Xiinxala Dandeettii Barreessuu Barsiisota Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 Aanaa Qarsaa"jedhurratti hojjechuuf ka'umsa godhatame.Qorannoon kun Godina Jimmaa Aanaa Qarsaa manneen barnootaa 81 keessa manneen barnootaa 15 irrattii kan gaggeeffaameedha.

Kana malees,barsiisonni Afaan Oromootiin ga'umsaan barreessan baay'een akkuma jiran barsiisota muraasa biratti immoo hanqinni Afaan Oromoo ga'umsaan barreessuu darbee darbee kan mul'atuudha.Hanqinni dandeettii afaan oromootiin barreessuu barsiisota biratti mul'atu ammoo dhaloota miidha waan ta'eef qorannoo kan adeemsisuuf qabata ta'eera.Kanaaf,qorannoon kun hanqinni dandeettii barreessuu barsiisota Afaan Oromoo manneen barnootaa sad.1ffaa kutaa 5_8 barsiisan dandeettii barreessuu akkamii akka qaban xiinxaluuf ka'umsa kan ta'eedha.

Qorannoo kanaan qorannoowwaan walfakkaatan muraasa armaan gaditti ka'anii jiru. Qorannoowwan kanneen keessaa tokko qorannoo Mahammad Kamaal(2014) kan mata duree "Xiinxala Dandeettii Barreessuu Barsiisota Afaan Oromoo Mannen Barnootaa Sadarkaa 1ffaa kutaa 1_8 Aanaa shabee somboo" jedhurratti mana barumsaa lama,mana barumsa Shabee sad 1ffaa fi Mana barumsaa Biiftuu sad 1ffaa fudhachuun dandeettii barreessuu barsiisotaa xiinxaluurratti qorannoo gaggeessee ture.Qorannoo kana qorannoo Mahaammad Kamaal irraa wanti adda isa taasisu yoomessa,mala qorannoo isaa fi hamma daataa fudhatameetiin garaa garummaa kan qabuudha. Gama biraatiin qorannoon mata duree kanaan walfakkeenya qabu kan Darajjee Akkasaa (2017) 'Xiinxala Dogoggora barreeffama Afaan Oromoo xiyyeeffannoon barsiisota kutaa 1-4 jedhu irratti qorannoo taasifameedha.Kaayyoon isaa rakkoolee dogoggora barreeffama afaan oromoo barsiisota kutaa 1-4(marsaa duraa) irratti kan xiyyeeffatuudha.Qorannoo kana qorannoo darajjee irraa wanti adda taasisu kan Darajjee barsiisota kutaa 1-4 irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u,inni kun ammoo barsiisota Afaan Oromoo kutaa 5-8 (marsaa lammaffaa) barsiisan irratti kan fuulleffatu ta'uu isaa fi yoomessa adda addaa qabaachuun isaati.

Hanqina argame kanaaf immoo furmaanni akka kennamuuf qorannoo kana gaggeessuun murteessaa waan ta'eef gaaffiiwwan bu'uuraa qorannoo kanaa ta'an akka armaan gadiittti tarreeffamaniiru.

1. Barsiisonni manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 Aanaa Qarsaa Afaan Oromootiin barreessuu keessatti hanqina maal fa'a qabu?
2. Hanqinni dandeettii Afaan Oromootiin Barreessuu keessatti Barsiisonni Manneen barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 Aanaa Qarsaa jiran keessatti mul'atuuf maddi isaa maali?
3. Hanqinna dandeettii barreessuu keessatti mul'atan kana akkamitti xiqqeessuun danda'ama?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Dandeettii barreessuu barsiisota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 Aanaa Qarsaa Xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

- ✓ Hanqinni Afaan Oromootiin barreessuu keessatti barsiisonni manneen barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 Aanaa Qarsaa qaban maal fa'a akka ta'an addeessuu
- ✓ Afaan Oromootiin barreessuu keessatti maddi hanqinichaa maal akka ta'e ibsuu
- ✓ Hanqina Afaan Oromootiin barreessuu keessatti mul'atan tooftaa ittiin xiqqeessuun danda'umu addeessuu..

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun hanqinaalee danddeettii barreessuu barsiisota Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 Aanaa Qarsaa qaban adda baasuun furmaata lafa kaa'uudha.Kana malees, bu'aa qorannoo kanaarraa namoonni biraa gargaaramuu danda'u.Kunis, qorannoon akkanaa gaggeeffamuun rakkooleen dandeettii barreessuu barsiisota Afaan Oromoo manneen barnootaa kana barsiisan adda bahee fala argannaan:-Barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniif hanqina barreessuun walqabatu adda baafachuun haala baruu barsiisuu isaanii akka fooyyeeffataniif ooluu danda'a.Kanas,yaada deeggarsaa kennuu fi qorannoo kana kooppii isaa mana kitaabaa kaa'uudhaani.Dabalataan,Rakkoo walfakkaataa akkanaa manneen barnootaa birootti mul'ataniif barreeffamaan mana dubbisaa keessa yoo ol kaa'ame madda furmaata rakkoo isaanii ta'uufii danda'a.Akkasumas,Qorattoota rakkoolee walfakkaataa akkanaa irratti qorannoo fi qo'annoo gaggeessaniif mana kitaabaa keessa kaa'amuun ka'umsa ta'uu danda'a.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffamu naannoo Oromiyaa Godina Jimmaa Aanaa Qarsaa manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa kutaa (5_8) irratti yommuu ta’u, daangaa gama mata dureetiin xiyyeeffannoon qorannoo kanaas ‘xiinxala dandeettii barreessuu barsiisota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 barsiisan irratti.Sababni daangessuun barbaachiseef altokkotti aanaa hunda manneen barnootaa hundaa fi dandeettiiwwan afaanii hunda irratti qorannoo adeemsisuun waan hin danda’amneef .

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Galma gahiinsa hojii tokkootiif wantoonni guutamuu qaban hedduudha.Wantoonni guutamuu qaban kunniin yeroo tokko tokko guutamanii argamuu danda’u; yeroo tokko tokko ammoo guutamanii argamuu dhiisuu danda’u.Kun ammoo hojii hojjetamu sana irratti hanqina ta’uu danda’a. Haaluma kanaan, hanqina qorannoo kanaa keessaa inni jalqabaa manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa aanicha keessa jiran hunda bira gahuun hojjechuu dhabuudha.Akkasums, qorannoon kun dandeettii barreessuu qofa irratti hojjetamuu isaati.

## 1.7 Naamusa Qorannichaa

Kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan gahuuf naamusni qorannichaa jiraachuun barbaachisaadha.Kanaaf qorannoo kana gaggeessuun dura qorattuun yommuu ragaalee karaa sakatt’a dokumantii, daawwannaa daree fi qormaataan mana barumsaa iddattoof filataman irraa sassaabbachuuf deemtu dursa xalayaa waajjira barnootaarraa gara mana barumsichaatti barreessifachuun dura bu’aa mana barumsichaatiin wal quunnamuun gaaffiin dhihaatu kun barsiisota irratti rakkoo tokkollee akka hin finnee fi kan dhiibbaa hin qabne ta’uu hubachiisuun bifa namatti toluun wal keessummeeffamee qorannoon kun kan gaggeeffameedha,

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU WAL FAKKII

Boqonnaa kana keessatti mata-dureewwaan garaagaraa kanneen dandeettii barreessuutiin walqabataniifi yaada haayyootaan deeggaramantu dhihaata.Matadureewwan kanneenis, maalummaa barreessuu, faayidaa barreeffamaa, kaayyoo barreeffamaa, hariiroo dandeettii barreessuu fi dandeettiiwwan afaanii kanneen biroo,sababoota dandeettii barreessuu hojii cimaa taasise,rakkoolee dandeettii barreessuu keessatti nama mudatanii,yaaxxina qorannoofi qorannoowwan mata duree Kanaan walfakkaatan kan dhihaatan ta’u.Mata-dureewwan kanneenis, haala armaan gadii kanaan tokko tokkoon ilaaluun nidanda’ama.

### 2.1.Barreessuu

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii isaan bu’uuraa kanneen akka dhaggeeffachuu,dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu keessaa isa tokko ta’ee,dandeettiin barreessuu akka dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu kan salphaatti baratamu osoo hin taane, xiyyeeffannoon guddaan kan itti kennamee fi itti yaadamee barnootaan Kan argamuudha.

Maalummaa barreessuu ilaalchisee Geetaachoon (2004) akka ibsutti,“barreessuun qubeewwan yookiin mallattoolee ummatni irratti walii galeen fayyadamuudhaan waraqaa, dhagaa, sibiilaa fi kanneen kana fakkaatan irratti qubeessuudhaan ergaa nama biraatti dabarsuudha” jedha.Wanti kanarraa hubatamus, barreessuun gocha yaada sammuu keenya keessa jiru jechootaan qindeessinee ittiin dabarsinuu ta’uu isaati.Yaaduma kana Geetaachoon(2007), Misgaanuu(2011) barreessuun ogummaawwan afaanii isaan bu’uuraa ( dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) keessaa isaa tokko akka ta’eefi kan qubeewwan yookaan mallattoolee ummanni iratti waliigaletti fayyadamuudhaan waraqaa, dhagaa sibiilaa fi waan kana fakkaatan irratti qubeessuudhaan mala ergaa ittiin dabarsinuu akka ta’ee ibsuu.

Barreessuun adeemsa ulfaataa yaada xiinxaluufi hubachuu nama gaafatuudha.Wanti seeraan barreeffamu isaa galmaa barreessinu fi haala namoota barreessinu fi beekuu nama gaafata. Gama biraatiin barreessuun hojii isaa dhumaa osoo hin taane adeemsa galma qabeessa kan ta’eedha. Nuti waan barreessinu sana maaliif akka barreessinu beekuun dirqama nutti ta’a.Kanaafuu, barreessichi, “maaliifan barreessa?” gaaffii jedhu of gaafachuu qaba.Dabalataan barreessuun sagaloota qindeessuun jecha uumuu,jechoota qindeessuun gaalee,gaalee walitti fiduun hima

ijaaruu fi himoota yaada tokko qaban immoo keeyyata ittiin ijaaruu fi yaanni barreeffamus, qindaa'inaa fi kan kana fakkaatan guuttachuu qaba.

Kanajechuun, seera caasaa afaanichaas beekuun dirqamata'a jechuudha Pincas (1983, fu.2) Waa‟ee barreessuu yaada yoo kennu " barreessuun namni tokko fedha isaa kan ittiin calaqqisiisu fi yaada qabu warra isa fakkaataniif meeshaa ittiin dabarsudha" jedha.Yaaduma kana ilaalchisuun Azeb (1984,fu.71) "barreessuu jechuun mallattoolee baramaa ifatti mul‟atuun kan adeemsifamu tooftaa walitti dhufeenya ittiin cimsaniiti "jetti.ma seera afaanichaatiin mala ergaan ittiin darbu dha

Walumaagalatti,barreessuun yaadota kallattii garaa garaan jiran walitti fiduun, mallattoo uummanni irratti waliigaletti fayyadamuun,wantoota akka dhagaa,muka,sibiila,waraqaa,lafa fi kan kana fakkaatan irratti akkaataa qindoomina seera qabeessaa fi caasaa seera qabuun katabuudha. Kana jechuun adeemsi kun, seerota akka seer-lugaa,qindaa'ina afaanichaa, fayyadama sirna tuqaalee fi kan kana fakkaatan, eeguun barreeffamuu akka qabuu fi wanti barreeffamus, yaada dubbii afaanii kan bakka bu'ee ergaa dabarsu ta'uu qaba.

## 2.2 Kaayyoo Barreessuu

Barressuun adeemsa walxaxaa yaada tokko xiinxaluu fi hubachuu nama gaafatuudha.Wanti seeraan barreeffamu tokkos kaayyoo barreessinuu fi haala namoota barreessinuufii beekuu nama gaafata.Akka Misgaanuu (2011.f.63), kaayyoo barreessuu yoo ibsu,"Barreessuun,maal akka yaannu qofa osoo hintaane akkamitti akka yaannullee waan nu barsiisuuf dhimmi kun barreessuuf sababa ta'uu danda'a " yaada jedhu kaa'u.

Yaadota kanneen irraa kan hubachuu dandeenyu kaayyoon barreessuu, barreessaa fi dubbistoota kan walitti fidu ta'uusaati. Kunis, wanti barreeffamu kaayyoo tokkoo ol qabaachuu kan danda'uu fi yoo xiqqaate garuu, kaayyoo tokko galmaan gahuu akka qabuudha.Barreessaan, waan tokko ofumaa isaaf barreeffatuullee,yommuu barreessu,dubbistoota ilaalcha keessa galchuun barreessuu qaba.Barreessaan tokko barreeffamaan dubbistoota isaaf muuxannoo hedduu, beekkumsa, yaadaa fi amantaa isaa waan qooduufi, isaan ilaalcha keessa galchuun qaba. Sababa barreessuun akka riqicha barreessaa fi dubbistootaatti fayyaduuf dubbistoonnis, eenyuun akka wal quunnaman beekuunidanda'u.

## 2.3 Faayidaa Barreessuu

Faayidaan barreessuu karaa namni tokko yaada, fedhii, hawwii isaa fi waan kana fakkaatu namoota isa bira jiraniifis ta'ee, kanneen isarraa fagaatanii jiraniif mala ergaa ittiin dabarsu keessaa tokkodha.Yaada kana,Raimes(1983.f.3) akkas jetti,"Writing reinforces the different structures the students learned; gives opportunity for students to explore and experiment with the language through trying and improving and that the effort to put down ideas with the appropriate expressions and the various mental and physical envolvements,reinforce learning,"jetti.Yaada kanneeniirraa wanti hubatamu dandeettiin barreessuu hojii ofdanda'e ta'us, akka madda gammachuuttis tajaajila kennuu isaa nuhubachiisa.

Kunis, barreessuun hojii ulfaataadha jechuun sodaachuun sirrii kan hin taaneedha.Haata'uu malee, ilaalcha ykn sodaa kana cabsuun akkaataa itti yaadaa fi fedhii keenya karaa sirrii ta'een barreessuun nama biraatiif dabarsuu danda'uun isaa madda gammachuuti.Barreessuun barumsaa gosa kamiyyuu adeemsa baruu fi barsiisuu keessatti akkasumas jiruu fi jireenya keessatti faayidaa guddaa qaba.

Haaluma kanaan,dandeettii barreessuu horachuun baay'ee barbaachisaadha.Faayidaan barreessuu yookiin qubeessuu dhaabbilee barnootaa hunda keessatti tajaajila kan kennuudha. Kana jechuun sadarkaa gadiitii kaasee hanga yuuniversiitiitti kan fayyaduudha.Garuu, haalli itti fayyadama isaanii adda adda.Kunis, dandeettiifi sadarkaa barnoota isaanii irratti garaagarummaa qaba. Fakkeenyaaf, odeeffannoo karaa quubsaa ta'een qaama biraaf dabarsuuf dandeettii barreessuu irratti gahaa ta'e qabaachuun barbaachisaadha.Gama biraatiin immoo,afoola hawaasa tokkoo akka hin irraanfatamneef,galmeessanii kaa'uun dhaloota moofaarraa gara dhaloota haaraatti dabarsuufillee baay'ee barbaachisaadha.Kana kan horachuu dandeenyu shaakala yeroo dheeraa fi adeemsota heddu keessa darbuu kan gaafatu akka ta'e beekuudhaan itti fayyadamuu qabna.Akka waliigalaatti,faayidaa barreessuu ilaalchisee Geetaachoo(2009.f.7)irratti,akka ibsetti," Barreessuun aadaa,seenaa,fi saayinsiifi qarooma dhalootarraa dhalootatti dabarsa, namoota fageenyatti argamaniif yaada ofii ittin dabarsuuf,adeemsa baruu-barsiisuu ittiin gaggeessuuf,walii galtee ummattoota gidduutti godhamuudha" jedha.Yaada hayyuu kanarraa wanti hubatamu barreessuun aadaa,seenaa,bu'aa saayinsii fi qormaataa dhalootaa dhalootatti dabarsuu bira darbee adeemsa baruu barsiisuu ittiin gaggeessuufillee faayidaa guddaa kan qabu ta'uu ibsa.

## 2.4 Maalummaa Dandeettii Barreessuu

Barumsa afaanii keessatti dandeettii gurguddoo jiran keessaa dandeettiin barreessuu isa tokkodha. Dandeettiin barreessuu akkuma dandeettii dubbachuu ergaa dabarsuuf meeshaa itti fayyadamnu dha. Kanaafuu, dandeettiin barreessuu yaada namootaa haala seera qabeessa ta'een isa tokko irraa gara isa birootti dabarsuuf kan itti fayyadamnuu dha. Takle (1989, fu.5) akka ibsetti, "Barreessuun ifaafi kaayyoo kan qabu barmaatilee filaman kan ofitti hammatu yaadota barumsaan argamu dandeettiiwwan kan of keessatti hammatudha" jedha. Haala kanaan barreessuun barumsa fayyadamuun ergaa barreeffama tokkoo baachuun beekumsa barreessuu fayyadamuun yaada barreeffama tokkoo duraa duuba isaa eeguun qubeelee, jechoota, himootaafi keeyyata tarreessuu fayyadamuun haala qindeeffama seera afaanichaatiin mala ergaan ittiin darbu dha.

Akka Taklee (1989, fu.58) ibsutti, "Barreessuun afaan hawaasni tokko dubbatu sagalee dubbii inni dubbatu bakka bu‟u jedhamee ogeessotaan filataman mallattoo mul‟atan fayyadamuun seera afaanichaa osoo hin faallessiin ergaa walitti qindeessuufi barreessuufi kkf kan ittiin dabarsinu dandeettii barreessuuti. Barreessuun afaan saba tokkoo ergaa osoo hin jijjiiriin yeroofi iddoon osoo hin daangessiin dabarsuuf dandeettii gargaaru dha" jedha.

Yaada dhiyaate kana irraa wanti hubatamu barreessuu jechuun dhalli namaa seenaa, aadaa, duudhaa, amantaa isaa, walitti dhufeenya hawaasummaa sagalee dubbiin akka bakka bu‟an mallattoolee of eeggannoon filataman seeraan itti fayyadamuudha. Sagaleen mallattoo afaanicha bakka bu'e kun seera tarreessuun yaadaafi ilaalcha bocuun tursuun tooftaa barreeffamoota jijjiiruuf ergaa barbaadame daangaa yeroo darbeefi iddoo tokkoo gara isa birootti akka darbu gochuun ni danda‟ama.Kaanaafuu, dandeettiin barreessuu baay‟ee barbaachisaadha. Dandeettii kana gabbifachuuf shaakala beekumsa irratti hundaa'e gochuun akka barbaachisu hubanna.

## 2.5 Tarsiimoo Dandeettii Barreessuu Ittiin Fooyyeffamu

Dandeettii barreessuu gabbisuuf tarsiimoo gargaaran baay'eedha.Kanaaf, kitaaba ittiin barsiifnu keessatti dandeettii barreessuu barsiisuuf tarsiimoo garaagaraa fayyadamuun dandeettii barreessuu keenyaa fi dandeettii barreessuu barattoota keenyaa fooyyessuun ni danda'ama. Azeeb (1984,f.84) tarsiimoo ilaalchisee,"Haala baruu barsiisuu gosa barumsa murtaa‟e

barreessuun barsiisuu barsiisotni sadarkaalee duraa duuba eegee fi mala adda addaa hordofuutu irra jiraata" jetti.Barsiisotni garaa garaa dandeettii barreessuu yeroo barsiisan tarsiimoo mataa isaanii qabaachuu qabu. Haata'u malee, dandeettii barreessuus ta'ee, dandeettiiwwan Afaanii biroo barsiisuuf barsiisotni hubannoo barattootaa fi muuxannoo akkasumas, haala qabatamaa naannoo irraa waan hubatan tarsiimoo dabalataa dhiyeessuun hojiin isaanii akka fiixaan bahu gochuurra darbee barattoota karaa adda addaatiin kaka'umsa itti horuun dandeettiin barbaadamu galma akka gahu gochuun ni danda'ama.Raims(1983,fu.24) yoo ibsu,"Fakkii adda addaa boca bocame dhiyeessuun barattootni barreeffamaan akka ibsan onnachiisuun dandeettii barreessuu gabbisuuf akka gargaaru niibsu.Kana wajjin wal qabsiisuun barattoota waan kakaasuuf fakkii adda addaa, boca garaa garaa, waantoota uumamaa, jechaan, himaan, keeyyataan barreeffama qindaa'een akka ibsan gochuun sadarkaa sadarkaan dandeettii barreessuu akka gabbifatan gochuun ni danda'ama" jedha.

### 2.4.1 Haala Dhiyeenya Too'atamaan/ daangeffamaa Barreessuu

Too'annoon barreessuun kan xiyyeeffatu baayyinaan too'annoo barsiisaan kan geggeeffamuudha.Barreeffamni geggeeffamu bifa haaraadhaan waan geggeeffamuuf barattoonni hedduun carraa dogoggoruu hin uuman.barattoonni shaakala kana akka horataniif mala kanatti gargaaramuun qajeelfama /ajaja ifa ta'e kunnuun gargaaruun barbaachisaadha. Kana ilaalchisee Raimes (1983, f. 95) irratti akkas jedha "barreeffama barattonni kee barreessan hundi gosa haala too'annoon barreessan yoo ta'e qabiyyee fi unkaa irratti gargaarsi godhamuufii qaba." Kun kan agarsiisu malli barreessuu to'atamaa kun akka itti fayyadaman jajjabeessa.

Kanuma ilaalchisee Pincas (1982, fu.91-125) yoo ibsu, "Shaakalli dandeettii barreessuu to‟atamoo tajaajila barreessuutiif gargaarsa kan godhudha. Barattootni dogoggora akka uuman carraa hin laatu"jedha. Shaakalli dandeettii to‟atamoo raawwii keessatti tokkoon tokkoo raawwii barattootaa to‟ataa gatii qabuuf waan barreessan kan argatan bifa ajajaatiin ta‟uu danda‟a. Kun immoo barattootni waan raawwatan tajaajila barreeffama sirrii akka ta‟e gahee mataa isaa qaba.

### 2.4.2 Haala Dhiyeenya Qajeelfamaan Barreessuu

Haalli dhiyeenyaa kun barattootaaf hanga tokko kan carraa kennuudha.Kunis Barsiisotaan qajeelfama.Barattootaaf fakkeenyi erga laatamee booda sanarratti hundaa'anii akka barreessan kan

taasifamuudha.Malli kun dogoggora irraa walaba ni ta'u. .Barsiisaan garuu duukaa bu'ee hordofuu qaba.

### 2.4.3 Walabaan Barreessuu/Free Writting

Gosti shaakala dandeettii barreessuu kun barattoonni guutumaa guutuutti bilisa ta'ani akka barreessan kan gargaaruudha. Akka Hedge (1983,f.11) ibsetti dandeettiin barreessuu kun kan Haallii akmu erga barattoonni cimanii shaakalanii boodadha.Kana jechuun barattoonni dandeettii walabaan barreessuu horachuuf dandeetttii walirraaa hincinne gochuu akka qaban hubanna. Kana malees, Raime (1983,f.103) akkas jedha: "Barattoonni hojii barreessuu osoo hin jalqabin yaada sammuu isaanii keessa jiru cimsachuuf gareen maryachuu qabu" jedha.Akkasumas, "barreeffamni gareen shaakalamu fakkeenya hojii barreeffama sirriiti," yaada jedhu itti dabala. Kun kan agarsiisu mariin gareen taasifamu dandeettii kana akka cimsu muli'sa.

Sadarkaa kanatti kan raawwatamu barattoonni mata duree barbaadan irratti walaba ta'anii barreeffama mataa isaanii itti qopheessanidha. To'annaan barsiisaan sadarkaa kanatti gaggeessu cimee kan mul'atu miti.Maloonni gosa gochaalee dandeettii barreessuu kana keessatti hojiirra oolan kanneen akka: xalayaa barreessuu, barreeffama gaggabaaboo fi kan kana fakkaataniidha. Dabalataanis, Ann Raims,(1983,f. 7-10) haala dhiyeenyaa iddoo 3tti qoodeera:

1.Haala Dhiyeeny Too'atamaa –Gara Bilisaa (Controlled –To- Free Approach)

Akka yaada isaatti "barreessuun adeemsa ta'ee barattootaaf jalqaba himni kennama; itti aansee keeyyata, hima jijjiiruu, henna ammaa gara hennaa darbeetti jijjiiruu…" dha jechuun lafa kaa'e.

2.Haala Dhiyeenyaa Bilasaa (Tha Free Writing Approach)
Kun kan barattoonni ofii isaaniitiin sodaa/ dhiphina malee bilisa ta'anii barreessaniidha

3 Haala Dhiyeenyaa Qindoomina Seer-Lugaa – Xiinhimaa

"Adeemsi haala kana immoo barattoonni yaada osuma yaada qindeessanii adeemsa keessa seerlugaa fi xinhima irratti hojjetu, barattoonni yoom akka barreessuuf yaalan , maal barreessuuf akka barbaadan, kan jedhu walitti dhufeenya isaanii ilaalu." Ann Raims(1983, f.7)

### 2.4.5 Haala Dhiyeenyaa Waliindubbii (The Communicative Approach)

Haalli dhiyeenyaa kun barattoonni walii waliin dubbatanii kan dandeettii barreessuu isaani guddifatu. Akka yaada Ann Raims (1983,p.8) irratti kaa'etti: "the commiunicative approach is it stress the purpose of apiece of writing and the audience for it…. Why I am writing?, Who will read it?" yaadni isaa, kaayyoo barreessinuu, fi eenyu akka dubbisu beekuu qabna.

### 2.4.5 Haala Dhiyeenyaa Adeemsaa /The Process Approach)

Akka yaada Ann Raims (1983,f.10) irra kaa'amee jiruutti "Barreessitoonni hundinuu akkamitti shaakala eegalanii akkamitti akka qindeessan murtee irra gahu." Jedha. Dandeettii Barreessuu xixiqqaafi gurguddoo (Micro And Macro Skills Of Writing) Akka Doglas Brown, (2004) jedhutti ulaagaalee dandeettii barreessuu sirrriitti adda baasnee itiin fayyadamuuf dandeettii barreessuu kana bakka lama kaa'anii ilaaluun ni danda'ama.

**A.** Dandeettiiwwan barreessuu isaan gurguddoo (Macro Skills**)**

- ✓ Unkaa fi waliigalteewwan barreeffamaatti fayyadamuu danda'uu
- ✓ Tarsiimmoowwan garaagaraatti fayyadamuu danda'uu fi kkf.

B. Dandeettiiwwan xixiqqoo (micro skills)

- ✓ Qubeewwanii fi sagaleewwan barreessuu
- ✓ Jechoota tartiiba sirriin naquu danda'u
- ✓ Seerluga fudhatamummaa qabu barreessuu danda'uu fi kkf

### 2.6 Gulantaalee Barreessuu

Dandeettiin barreessuu gulantaalee adda addaa of keessaa qaba. Akka Hill(2001,f. 46-48) ibsutti barreessuun adeemsa sadarkaalee keessa darbamu Shan ofkeessaakan qabu dha.Adeemsonni barreessuu kanneenis:Barreessuu duraa (prewriting),wixineessuu (drafting),keessa deebi'uun gulaaluu (revising),dubbisuun sirreessuu (editing/proof reading),xumuraaf barreessuu/dhiyeessuu (publishing/presenting).

### 2.5.1 Gulantaa Barreessuu duraa/prewriting

Hayyuun kun gulantaa barreessuu duraa yoo ibsu akkas jedha, Akka yaada Hill(2001, f.46-48) tti "prewriting is the first stage in which information or details are gathered and the paper is planned," kana jechuunis, barreessuun duraa sadarkaa jalqabaa kan ragaalee fi ibsoonni gadi fageenyaa keessatti walitti qabamanii fi bakka itti waraqaan qophaa'uuf karoorfameedha.Kanaaf,

bakki xiyyeeffannoo guddaan itti kennamuu qabu barreessuu duraa ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha.

### 2.5.2 . Wixineessuu/Drafting

Hayyuumti kun wixineessuus yommuu ibsu, "drafting is writing your ideas down in related sentences and paragraphs. The goal during drafting is to let your writing flow without worrying about grammar and mechanics." Hill 2001,f. 46-48).Kunis wixineessuun yaada ofii himaanis ta'e bifa keeyyataan lafa kaawwachuudha.Galmi yommuu wixineessuus barreeffama ofii dhiheessuun waa'ee seerlugaa yookiin kan biroo osoo hin yaadiin qopheeffachuudha. Asirraa kan hubatamu waa'ee waan barreessaa jiranii yaada namatti dhagahame sirriifi ta'uu dhabuu isaa osoo hin sodaatiin baafachuudhaan waraqaa irra kaa'uun barbaachisaa ta'uu isaati.

Kana malees, Gaber(2003)," when writing their first draft, students should not expect perfection or even work towardsit. The first draft should be considered as a further means of discovering ideas andwhat one wants to do." Akka yaada isaatti yemmuu barreeffama jalqabaa/wixinee qopheessan irra caalaatti yaadolee burqisiisuu fi maal hojjechuu akka fedhan kan itti calaqqisiisan akka ta'e kaasa.

Akka yaada oliitti barreessuu barattoonni baayyeen kan hinjaallanneefi dadhabsiisaa waan ta'eef akka barattoonni tartiba tartiibaan yaada qindeessan, achiin immoo keeyyata ; itti aansee keeyyata walitti fidan;dhumarratti ilaaluun akka cuunfanii barreessan gochuudha.

### 2.5.3 Keessa Deebi'uun Gulaaluu/revising

Haaluma walfakkaatuun, hayyuumti kun Hill(2001,f.46-48) gulaaluu yeroo ibsu,"Revision means reading your draft closely,remaining your self of your purpose and reworking and c dubbisuu, kaayyoo ofii of yaadachiisuu, irra deebi'uun hojjechuu fi yaadawwan ofii ibsuudha.Kanumarraa ka'uudhaan keessa deebi'anii gulaaluun adeemsota barreessuu keessaa bakka itti dogongorri yoo jiraate irra deebu'uudhaan sirreeffataniidha.Kana malees, yeroo barreessinu irra deebi'uun ilaaluun rakkoolee ykn. dogangora ilaaluf.

Akka yaada oliitti yoo tartiibni jijjiirame; yoo dogongorri sirna tuqaalee fi qub-guddeessaa jiraate irra deebi'amee ilaalamuun kan barbadamuuf

### 2.5.4. Dubbisuun Sirreessuu/editing

Akka Hill (2001, f. 46-48) jedhutti: "In this stage look closely at each paragraph,each sentence, and each word. Do your sentences how smoothly? Are they grammatically correct? Are your spelling and punctuation correct ?.."

sadarkaa kana keessatti barreesaan tokkoo tokkoo keeyyataa, himootaa fijechootaa haalaan ilaaluudha. Himoonni koo walqabatiinsa qabuu? Gama Seerlugaa fi sirni tuqaalee koo sirriidhaa? ...bakkatti ilaalamuudhaan sirreeffamaniidha gaafilee jedhan kanaaf of gaafachuu qaba.

### 2.5.5. Xumuraaf barreessuu yookiin dhiheessuu/publishing

Dhumarratti hayyuun kun xumuraaf barreessuu yeroo ibsu akkas jedha. "Sometimes sharing your writing with a reader simply means handing it into your teacher. At other times you want your thoughts and ideas to go far beyond the teachers desk" Hill, 2001,f. 46-48)

Yeroo tokko tokko barreeffama kee dubbistootatti kennuun kana jechuun barsiisaatti kennuudha. Yeroo biraa ammo kan ati barbaaddu yaadi kee barsiisaa olillee darbee akka siif deemuudha.waan sirreefamuu qabu hunda erga sirreesineen booda qindeesuudhaan barreeffamaa dhumaa barreessuudha. " The last stage of the process approach to writing is editing. This stage concentrates on linguistic accuracy: grammar, spelling and punctuation." Harris (1993).Akka yaada isaa kanatti adeemsa barreessuu keessaa inni dhumaa sirreessuu/editing ta'ee xiinqooqa, seerluga qubee fi sirnatuqaalee ta'uu kaa'e. Dabalataanis, Hewings fi Curry, (2003), akka ibsanitti: "the editing stage involves checking references and formatting the students' writing." Sadarkaa kanatti irra deebi'anii ilaaluu kan gaafatuudha.

learifying your ideas," jedha.Kana jechuunis, keessa deebi'uun gulaaluun haalaan wixinee

Walumaagalatti, barreessuun adeemsa keessa darbee baratamuun barreeffamu mataasaatii kan qabudha. Ammuma callisnee lafaa kaanee kan barreessinu osoo hin taane adeemsota barreessuu jiran eegnee barreessuun gaarii ta'a. Adeemsi barreessuu jalqaba ragaalee fi ibsoota garaagaraa kan waa'ee waan barreessituu siif gabbisan walitti qabuutii kaasee hanga barreeffama xumuraa barreessuun dhiheessuutti adeemsa sadarkaasaa eeggatee taasifamudha. Barreeffama ergaa quubsaa ta'e dabarsu tokko barreessuuf shaakala yeroo dheeraa kan gaafatuu fi admeesota armaan olii kana keesa kan darbuudha.

## 2.6 Hariiroo Barreessuu fi Dandeettiiwwan Afaanii Kanneen Biroo

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii kan biroon walitti hidhataadha.Jireenya addunyaa kana keessatti yeroon dandeettii afaanii tokko qofaafayyadamnu baay'ee xiqqaadha. Sababni isaa, yemmuu dandeettii afaanii tokko fayyadamuuf jennu dirqama dandeettiiwwan biroon duuka deema.Fakkeenyaaf,yeroo barreessuu fayyadamnu dubbisaan jiraachuun murteessaadha.

Yemmuu dubbisuu gargaaramnu dhaggeeffataan jiraachuu qaba.Yaada kana Harmer (1991.f.52) akka armaan gadiitti ibsee jira. "It is very often true that one skill can not be performed without another.It is impossible to speak in a conversation if you do not listen as well, and people seldom write with out reading_even if they only read what they have just written."

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti, dandeettiin afaanii tokko isa biroon osoo walitti hin makin waliigaltee uumuun akka hin danda'amneedha.Kanaafuu, dandeettii afaanii tokko kanneen biroon walitti makuun baay'ee gaariidha.Sababni isaa,yeroo isa tokkotti hojjennu inni biraa duuka foyyaa'a.Yaada kana Raimes (1983.f.68) yoo ibsitu, "If we want our language learning class to come as close as possible to real life communicative situations, then we have to organize activities that let students use all of the skills," jetti.

Akka yaada kanaa oliirraa hubachuun dandeenyutti dandeettiiwwan afaaanii walitti makuun akka barsiisonnis ta'ee,qaamni biroo jireenya addunyaa keessatti adeemsa guyyaa guyyaan walquunnamaniif gargaaruu isaati.Kanaafuu,waliigaltee hiika-qabeessa argachuuf,dandeettii afaanii isa tokko dandeettiiwwan afaanii kanneen biroon walitti makuun itti gargaaramuun barbaachisaadha.

## 2.8 Sababoota Barreessuu Hojii Ulfaataa Taasisan

Ogummaawwan afaanii afran keessaa ogummaan barreessuu, warra kaan caalaa cimaafi ulfaataa akka ta"e nibeekama. Kunis, barreeffama gahumsa qabuufi ergaa guutuu dabarsuu danda'u tokko barreessuun,xiyyeeffannoo fi gahumsa waan barbaaduufi. Yaada kana Langan (1981:41) akkas jechuun ibsa:

> *There are many reasons for finding writing difficult, but probably a fundamental one is lack of confidence and feeling that you do not have anything to say. Almost every writer experienced as well as inexperienced, seems to face this some times. As you get more experienced you will gradually built up confidence in your own methodsandapproacheswriti*

Yaada hayyuu kanarraa wanti hubatamu, sababoonni ogummaa barreessuu hojii ulfaataa taasisan, hedduu ta'anilllee, kanneen keessaa muraasni wantoota akka sagalee jabeessuu, laaffisuu, dheeressuufi gabaabsuun barreessanii ergaa sirrii ta‟e dabarsuun ulfaataa akkata‟eedha. Kanamalees, ogummaan barreessuu hojii sammuu kanneen akka odeeffaannoo qindeessuufi walfudhachiisuu gaafata. Kanarrattis, barratoonnis ta'ee, qaamni biroo yommuu waa barreessan, nidogoggorra jedhaniit sodaatu. Dhimma kana ammoo cabsanii itti seenuuf rakkoo guddaan ofitti amanamummaa dhabuudha.

Haata'uumalee, rakkoon kuni haguma namni yeroo gara yerootti barreessuu shaakalaa deemuun kan salphachaa fi fooyya'aa adeemu akka ta'e hubanna.
Dandeettiiwwan afaanii afran keessaa dandeettiin barreessuu, warra kaan caalaa cimaafi ulfaataa akka ta'e ni beekama. Sababni isaa, barreeffama gahumsa qabuu fi ergaa guutuu dabarsuu danda'u tokko barreessuun,xiyyeeffannoo fi gahumsa waan barbaaduufi.kanarraa wanti hubatamu, sababoonni dandeettii barreessuu hojii ulfaataa taasisan, hedduu ta'anilllee, kanneen keessaa muraasni wantoota akka sagalee jabeessuu, laaffisuu, dheeressuu fi gabaabsuun barreessanii ergaa sirrii ta'e dabarsuun ulfaataa akka ta'eedha.Kanamalees, dandeettiin barreessuu hojii sammuu kanneen akka odeeffaannoo qindeessuu fi walfudhachiisuu gaafata.Kanarratti barsiisonnis ta'ee,qaamni biroo yommuu waa barreessan dogoggorra akkanaarraa of eeguun murteessaadha.

Barreeffama Afaan Oromootiin barreeffamu tokkos osoo fudhannee,rakkoofi komii oliitti ibsame kana jalaa kan bahuu miti.Keessumattuu, barreeffamoota Afaan Oromoo iddoo adda addaatti barreeffamu yoo ilaalle,sababa seera barreeffama Afaan Oromoo eegee hin

barreeffamneef,ergaa dabarsuun barbaaddame dabarsuurratti hanqina guddaa qaba.Kunis, barreeffamni Afaan Oromootiin barreeffamu tokko salphaa akka hin taane mul'isa. Walumaagalatti, yaanni armaan olii kuni, sababoota barreessuu ogummaa cimaa taasisan kan ibsaniidha.Haata'u malee,rakkoo kana tooftaa adda addaa fayyadamuun fooyyeffachuu fi sirreessuun akka danda‟amu maddoota garaagaraarraa hubachuun nidanda'ama.

Dhimma kanas Nunan (2000, f.36) akkas jedha:The best way to improve your spelling is to read, read and read. A more systematic method is to focus on words that you repeatedly miss per.

Memorize their spelling and practice writing sentences with this words. As a writer, it is not that minor problem for writers it shows as that you are at best sloppy at worst, illiterate.

Yaanni kun gabaabumatti kan nuhubachiisu,dandeettiin barreessuu akka dandeettiiwwan kanneen biroo salphaa akka hintaanedha. Haata'uumalee, namni tokko karaa rakkoo isaa sana adda baasee beekuu fi irra deddeebi'ee dubbisuun, jechoota barreessuun itti ulfaatan sanniin sammuutti qabachuu fi yeroodhaa gara yerootti jechootichaan himoota barreessuu shaakaluun dandeettii isaa nigabbifata.

Adeemsi haala kanaan shaakalamu kuni ogummaa barreessuu sadarkaa jechaatti ta'uullee, barreeffama kanneen akka xalayaa, keeyyataa, gabaasaa fi kan kana fakkaatan barreessuufis yeroodhaa gara yerootti irra deddeebi'uun shaakaluun,dhimma filannoo hin qabneedha.Kanaaf tooftaa adda addaa fayyadamuun salphifama.

## 2.9. Maddoota Hanqinaan Barreessuu

Hanqina barreeffama keessatti mul'ataniif furmaata barbaaduuf madda hanqinichaa beekuun barbaachisaadha.Mddoota hanqinaa kanarratti hayyuun Brown (1994,f.:214) "The socio-linguistic context of stored language acquisition can give rise to certain dialect acquisition that may itself to be a source of error."jechuun ibseera.

Akka yaada hayyuu kanaatti,xiinqooqni hawaasaa haala jiruu irratti hundaa'uun osoo hinbaratin afaan beekuun mataansaa madda hanqina kanaati. Kanaafuu, namoonni afaan ofumaa baran akka isa waalta'eetti itti fayyadamu.Kun immoo,hanqinaaf madda ta'uu danda'a.Yaada kanarraa wanti hubatamu namni afaan beekeef dandeettii barreessuu beekuu akka hin dandeenye namatti mul'isa.

Hayyuun,Fergus (1983,f.:3) madda hanqinaa "We miss pronounce words, we fail to enunciate clearly we do not use eyes and ears to discriminate.We may add or omit syllables," jechuun ibsa.Akka yaada barreessaa kanaatti, hanqinni kan uumamu haalli namoonni akka isaaniif galutti itti shaakalan laafaa ta'uu,xiyyeeffannoon irra deddeebiin shaakaluu dhabuu, waan barreessan yookiin waan barreeffame dogoggoraan sagaleessuu yookiin dubbisuu, ijaa fi gurra ofii fayyadamuun waan barreessan addaan baasaa deemuu dadhabuu, Akkasumas,qubee itti dabaluun yookiin irraa hir'isuun madda hanqinaa akka ta'e nuhubachiisa.Maddoota hanqinaa kanneen ta'an shaakala irra deddeebiin barreessuu dhabuu,xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu, meeshaalee barnootaa gahaa dhabuu fi kan kana fakkaatan fa'a ta'uu danda'u.

## 2.10. Wantoota Barreessuu Keessatti Dogoggoraaf Nama Saaxilan

Dandeettii afaanii afran keessaa barreessuun isa tokko.Barreeffamnis hojii adeemsa barreessuutiin barreessaa fi dubbisa wal qunnamsiisuudha.Haaluma kanaan, Keh (1996) yommuu ibsu, namoonni walqunnamtii barreeffamaan godhan keessatti ergaan fudhatan yookaan dabarsan akka qulqulluufi ifa ta'uu barbaadu.Fedhii isaanii kana galmaan ga'achuuf immoo barreeffamni ergaa ittiin wal jijjiiran kun ifaa fi qulqullina kan qabu akka ta'u barbaadu.

Haata'u malee, wantoonni barreeffamni tokko qulqullinaan akka hin barreeffamne dhiibbaa itti godhuun barreeffama keessatti dogoggoraaf nama saaxilan heddutu jiru.Fakkeenyaaf, hanqinni qubeessuu,hanqinni sirna tuqaalee,hanqinni qubguddeessaafi kan kana fakkaatan qulqullina barreeffamaa irratti dhiibbaa fiduu danda'u jedha.Yaada olitti ibsame kanarraa wanti hubannu, barreeffamni dhaamsa tokko ittiin walii dabarsan kan qulqullina barbaadu ta'ullee, wantoonni qulqullina kana ballessanii dogoggora uumuu danda'an kanneen akka hanqina qubeessuu,hanqina sirna tuqaalee, hanqina qub-guddeessaatifi kan kana fakkaatan jiraachuu akka danda'amu kan ibsame.

## 2.11. Rakkoolee dandeettii barreessuurratti nama mudatan

Barreeffama ergaa guutuu dabarsuufi fudhatama qabu barreessuu keessatti wantoonni tokko tokko akka salphaatti ilaallamanillee,ergaa barreeffamichi dabarsuuf barbaaderratti gufuu ta'anii argamu.Kun immoo dubbistoota keenya biratti fudhatama dhabuu danda'a.Yaada kana Byrne (1988,f.4) akkas jechuun ibsa,"Writing is a difficult activity for most people, both in the mother tongue and in the foreighn language,"jedha.Yaada kanarraa wanti hubatamu, barruu ergaa guutuu qabu tokko barreessuun, afaan dhalootaanis ta'ee afaan lammataa keessatti hojii ulfaataa akka ta'eedha.

Haaluma walfakkaatuun Tafarii(1998,f.32)"Afaan Oromoo dubbachuu beekuufi seera isaa beekaani barreessuurratti namoota afaanicha hinbeekne qofa osoo hintaane namoota afaanicha beekan ittiin baratan, ittiin hojjetanitu dogoggora uumuun barreessa." jedha.Akka yaada kanaatti,afaanichaan dubbachuu danda'uun sirriitti barreessuu danda'uu akka hintaane nuhubachiisa.Barreeffamni barreeffamu tokko dogoggoraan yoo barreeffame dhaamsi barbaadame dubbisaa bira gahuu dhiisuu danda'a.

Karaa biraatiin,Fedhaa(1999,f.85) irraa,"Rakkooleen barreessuu namootaa yeroo hedduu sirna tuqaalee,qubeessuu,caasaa afaanii yookiin seera afaanichaa eeguu dhabuudha,"jedha.Akka yaada

barreessaa kanaatti,dogoggorri barreeffama keessatti yoo mul’ate,dhaamsi barreeffama sanaa akka hinhubatamne taasisa.

Walumaagalatti,rakkoon kuni,itti fayyadama filannoo jechoota,caasluga sirrii fayyadamuu fi sirna tuqaalee sirrii fayyadamuu dhabuu,jechoota sirriittii qubeessuu dhabuufi k.k.f yoo ta’u,yaada isaanii qindeessanii dhiheessuu irratti dandeettii laafaa akka qabaatanii fi shaakalli qindeessanii barreessuu irratti qaban muraasni jiraachuu akka danda’u kan nama yaachisuu ta’uusaati.

## 2.12. Tooftaa Ittiin Dandeettii Barreessuu Gabbifatan

Dandeettii barreessuu gabbifachuun carraaqqii cimaa gaafata.Kana jechuun dandeettiin kun shaakalaa irra deddeebiin,waa barreessuun dandeettiin kon kan gonfatamu waan ta’eef shaakala yeroo dheeraa kan gaafatuudha.jechuudha.Dandeettii kanas,kan cimsannu tooftaawwan adda addaatti fayyadamuudhaani

.Kanuma ilaalchisee,Geettoo (2012:21) Shaw(1978) wabeeffachuun,qabxiilee barreessuu itti fooyyessuun danda’amu armaan gadiitti ibseera. Jechoota haala sirrii ta’een sagaleessuu.

Namni tokko sammuu isaa keessatti waan barreessu sana yaaduufi dhaga’uu.

Jechoota caasaan isaanii xiqqoo rakkisaa ta’e qomatti qabachuun yaadachuu.

Seera barreeffamni afaanichaa itti barraa’u baruu yookiin barachuu.

Yoo barreessinu xiyyeeffannoon yookiin ofeeggannoon barreessuu.Kunis,dogoggora dhibaa’ummaan dhufurraa bilisa godha.

Jechoota yeroo baay’ee dogoggoortu addatti baasuun galmeeffachuun qu’achuun barbaachisaadha; jechuun ibseera.

Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu dandeettii barreessuu gabbifachuuf tooftaan deemamuu qabu waan barreessu sana yaadatti qabachuun,seera barreeffamaafxiyyeeffannoo kennuu fi yeroo barreessan of eeggannoon barreessuu akka ta’e hubanna. Kana malee,dandeettiin barreessuu dhimma akka salphaatti ilaalamuu miti waan ta’eef yommuu waa agarru,dhageenyu gara narreeffamaatti jijjiiruun dandeettii barreessuu keenyaa gabbifachuu murteessaa

## 2.13 Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoo tokko adeemsisuu keessatti yaaxxinni gahee guddaa qaba.Sababni isaa,yaaxxinni hojii hojjechuuf deemnu kurfeessee akka xiyyeeffannaan dhimmoota ilaalamuu qaban xiinxalluuf nu tajaajila. Kana bu’uura godhachuun qorattuun qorannoo kana adeemsisuuf yaaxxina adeemsaa fi bu’aa( process and product approach) fayyadamuun qorannoo kana adeemsiftee jirti.Sababni kana

fayyadamteef yaaxxina adeemsaan akkaataa adeemsa barreeffamaa ilaaluuf yoo ta'u yaaxxina bu'aatiin ammoo kuusaa barreeffamoota olkaa'aman ittiin ilaaluuf.Yaaxxina adeemsaaf hayyoonni yommuu yaada kennan Khaled Besher Albesher, 2012,f.33), qorannoo isaa keessatti akka armaan gadiitti ibsuuf yaaleera.

> Recent approaches to writing have focused on the process rather than the end product of writing (Kelly & Graham, 1998; Nunan, 1989; Leki, 1991). The process approach was introduced in the mid-1960s. According to Rohman, in this approach the writing is classified into three stages: 1) the pre-writing stage, that includes tasks that take place before writing; 2) the drafting and writing stage;3) the re-writing stage, in which attention is paid to any grammatical, punctuation or spelling mistakes (Rohman, 1965).

Akkuma yaada armaan olii irraa hubannutti haalli dhiyeenyaa adeemsa kan walakkeessa (1960) keessa eegalame; sadarkaa saditti qoqqoodama. Sadarkaa barreessuu duraa,sadarkaa wixinee fi sadarkaa irra deebi'anii barreessuu akka qabu hayyoota kanneen olii waabeffachuun ibsee jira.Bifuma kanaan, yaaxxina adeemsaatiin wantoota daawwiidhaan argaman xiinxaluuf dhimma itti baatee jirti.

## 2.12. Qorannoo Walfakkii

Qorannoowwan mataduree qorannoo kana waliin walitti dhiheenya qabu ykn walfakkiin kan dandeettii barreessuu barsiisotaarratti gaggeeffame hedduu ta'uu baatullee muraasa kaasuun ni danda'ama. Qorannoo wal fakkii qorannoo kanaa keessaa tokko qorannoo Mahaammad Kamaaliin(2014) gaggeeffame yemmuu ta'u, mata dureen qorannoo isaas "Xiinxala Dandeettii Barreessuu Barsiisota Manneen Barnootaa Sadarkaa 1ffaa Aanaa Shabee Soomboo Irratti Xiyyeeffate"kan jedhuudha.Kaayyoon qorannoo kanaas hanqina barreessuu keessaatti barsiisonni aanaa shabee qaban xiinxaluun yaada furmaataa kaa'uudha.Qorannoowwan kunneen dandeettii barreessuu barsiisotaarratti hojjetamuun wal haa fakkaatuyyuu malee,yoomessaan garaa garummaa qaba. Kan Mahaammad Kamaal aanaa Shabbee manneen barnnootaa sadarkaa 1ffaa kutaa 1_8 yoo ta'u,qoranoon kun immoo aanaa Qarsaa manneen sadarkaa 1ffaa kutaa 5_8 irratti.Akkasumas kan Mahammad kamaal manneen barnoota lama qofa irratti xiyyeeffachuun kan gaggeesse yommuu ta'u qorannoon kun ammoo manneen barnoota 15 irratti xiyyeeffachuun

kan adeemsifame ta’uu isaati.Kunis,daataan fudhatame adda adda ta’uu isaa nutti agarsiisa.Gama biraatiin qorannoon Mahammad kamaal yaaxxina adeemsaa giddu galeeffachuun kan adeemsise yommuu ta’u,qorannoon kun ammoo yaaxxina adeemsaa fi bu’aatiin kan adeemsifamu ta’a.

Dabalataan,qorattuun qorannoo kanaas kan itti gargaaramte, qorannoon mata duree kanaan walfakkeenya qabu kan Darajjee Akkasaa (2017) ‘Xiinxala Dogoggora barreeffama Afaan Oromoo xiyyeeffannoon barsiisota kutaa 1-4” jedhu irratti qorannoo taasifameedha.Kaayyoon isaa rakkoolee dogoggora barreeffama afaan oromoo barsiisota kutaa 1-4(marsaa duraa) irratti kan xiyyeeffatuudha..Qorannoo kana qorannoo Darajjee irraa wanti adda taasisu kan Darajjee barsiisota kutaa 1-4 irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta’u,inni kun ammoo barsiisota Afaan Oromoo kutaa 5-8 (marsaa lammaffaa) barsiisan Irratti kan fuulleeffatu ta’uu isaa fi yoomessa adda addaa qabaachuun isaa adda isa taasisa.

# BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo kanaa saxaxa qorannoo ibsaa(addeessaa)ti. qorannoo jalqabaa hamma dhumaatti jiru kan agarsiisuudha. Eessaa ka’ee garamitti deemaa? Kaayyoo akkamii qabatee jiraa? Isa jedhuuf deebii kenna. Saxaxa qorannoo murteessuu keessatti gaaffileen qorannoo, kaayyoofi gosti odeeffannoo gahee guddaa qabu.Kanaafuu, saxaxni qorannoo kanaa mataduree xiinxala dandeettii barreessuu barsiisota Afaan oromoo manneen barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8ffaa kan xiyyeeffate yoo ta’u kaayyoon isaa hanqinni afaan oromootiin barreessuu keessatti baarsiisonni manneen barnootaa kun qaban maal akka ta’e,adda baasuufi maddi rakkoo dandeettii afaan oromootiin barreessuu maal akka ta’e tarreessuufi falli rakkoo kanaa maal akka ta’e adda baasuuf,walii galaan adeemsi ittiin qorannoon kun gaggeeffame adeemsa qorannoo addeessaa yookiin ibsaa jedhutti gargaaramuudhaan ibsi kan itti kennameedha.

## 3.2. Mala Qorannichaa

Galma gahiinsa qorannoo kanaatiif mala qorannoo jiran keessaa, mala qorannoo makaatti (mixed research method)tti fayyadamameera Sababni mala kanatti dhimma bahameef odeeffannoo madden garagaraa irraa argaman karaa jechaa fi lakkoofsaan qaacceffamuun bu’aa waan qabuufi. Bu’aan gama malleen lamaan .kanaan argamuu isa mala mala tokkoon fayyadamuu caalaa hanqinicha daguugee baasa jedhamee yaadameeti. Malleen qorannoo kunis mala qorannoo akkamtaa fi hammamtaa (qualitative and quantitative research method) kan jedhamaniidha.Kunis, ragaa funaanaman sana gadi fageenyaan xiinxaluun qorannicha gaggeessuu jechuudha.

Yaada kanarratti Zoltan(2007,f 161) “Mixed method involves the mixing of quantitative and qualitative research methods” Akka yaada hayyuu kanaatti mala akkamtaa fi hammamtaa yookiin makaa mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkinicha karaa sirrii ta’een xiinxaluuf maloota gargaaran hunda fayyadamuun bu’a qabeessa akka ta’e hubatama.

## 3.3 Madda odeeffannoo qorannichaa

Qorannoo kanaaf akka madda odeeffannootti kan gargaare barreeffama barsiisota Afaan Oromoo manneen barnootaa qorannoo kanaaf filatamaniiti.

## 3.4 Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo namootaa fi dhimmamtoota qorannoon kun irratti adeemsifamu ilaallata.Kanaaf, irraawwatamni qorannoo kanaa barsiisota Afaan Oromoo kutaa 5-8 barsiisan irratti xiyyeeffachuun odeeffannoon dhimma qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabamee jira.

## 3.5 iddattoo qorannichaa

Qorannoo tokko keessatti iddattoo fi iddatteessuun hedduu barbaachisaadha.Kanaaf, qaamota qorannoon irratti gaggeeffamu yookiin irraawwatama qorannichaa keessaa bakka bu'ee qaamota yookin namoota ragaa kennuu fi irraa fudhatamuu danda'an ta'uun kan filatameedha.Kanarraa ka'uudhaan iddattoon qorannoo kanaa kan filatameen tooftaa iddattoo miti carraaaatti dhimma bahuun manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa aanicha keessa jiran 81 keessaa manneen barnootaa 15 kanneen walitti aanan akkuma jiranitti kan filatamaniidha.Sababni qorattuun tooftaa kana fayyadamteef manneen barnootaa aanicha keessa jiran 81'n walirraa fageenya adda addaa waan qabuufi.

## 3.6 mala iddatteessuu

Malli iddatteessuu karaa lamaan ilaalamuu danda'a.Isaanis:-mala iddatteessuu carraa fi miti carraa jedhamuun waamama. Bifuma kanaan, mana barumsaa aanicha keessatti argamu 81 keessaa mana barumsaa 15 kanneen walitti aanan mala iddatteessuu miti carraa fayyadamuun filattee jirti.Sababni isaa, mana barumsaa hunda bira gahuun waan hin danda'amneefi.Manneen barnootaa 15'nan filataman kana keessa barsiisota Afaan oromoo kutaa 5-8 barsiisan dhiira 16 fi dubartoota 21 waliigalaan 37 waan jiraniif maluma miti carraa keessaa ammoo ammangeetti fayyadamuun barsiisota kana irraa odeeffannoon barbaachisu walitti qabamee jira.Sababni mala kana fayyadamteef barsiisonni odeeffannoo kana kennuuf filataman birsiisota Afaan oromoo barsiisan waan ta'eefi.

## 3.7 Meeshaalee Oddeeffannoon Ittiin Funaaname

Qorannoo tokko gaggeessuuf odeeffannoo mata duree sana ilaallatu walitti qabachuun murteessaadha. Odeeffannoo kana walitti qabuuf immoo meeshaaleen odeeffannoon kun ittiin funaanamu qopheeffachuun barbaachisaadha. Meeshaan odeeffannoon odeeffannoon ittin funanamu baay'eetu jira.

Yaada kana Dastaa(2013.f,110)Yalew (2006.f,151) wabeeffachuun "Qorannoon kamiiyyuu ragaadhaan deeggaramee gaggeeffama.Ragaan yookiin odeeffannoon bu;uuraa qorannoo ta'uusaati odeeffannoon bu'uuraa qorannoo kunis, kaayyoo qorannichaa ga'inaan gahuuf mala

itti funaanamuu qaba"jechuun ibseera. Bu'uuruma kanaan qorattuun qorannoo kanaaf ragaa quubsaa ta'e argachuuf tooftaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa sakatta'a dookumantii, daawwannaa kutaa keessaa fi qormaata fayyadamuun ragaan kun walitti qabamee qaacceffamuun xiinxalamee jira.

### 3.7.1 Sakatta'a Dokumantii /Galmee/

Sakatta'i galmee/dokumantii/ gosa madda ragaa lammaffaa yommuu ta'u, innis, barreeffamoota /ragaalee/ adda addaa barsiisotaan barreeffamanii olkaa'aman sakatta'uun kan adeemsifamu ta'a.Ragaalee adda addaa kanneen akka karoora torbanii, karoora waggaa,yaadannoo adda addaa,DOW, gabaasota hojii adda addaa sakatta'uun odeeffannoon kan walitti qabamu ta'a.

### 3.7.2 Daawwannaa

Daawwannaan akaakuu odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorattuun daree galuun barreeffama gabatee gurraacharratti barsiisotaan barraa'e, karoora torbanii qophaa'e ilaaluun xiinxaluudha.Haala kanaan daawwannaa daree gaggeessuun, odeeffannoon funaanamee jira.Sababni isaas,yemmuu barsiisotni karoora waggaa fi guyyaa fayyadaman keessatti fi daree barnootaatti yaadannoo yommuu kennan ga'umsi dandeettii barreessuu isaanii maal akka fakkaatuu fi hanqina mul'ate maal akka ta'e adda bahee xiinxalamee jira.

### 3.7.3 Qormaata

Qormaanni akaakuu bargaaffii keessaa tokko ta'ee, kan odeeffannoon dandeettii barreeffamaa kan akka qubeessuu, sirni tuqaalee, qub-guddeessaa, dogoggora qubeefi seerlugaa keessatti ilaalamuudha.Haaluma kanaan,qorattuun mala kana yommuu filattu barsiisotaaf qormaata keessumaa gaaffilee qormaataa deebii gabaabaa barbaadanii fi keeyyata akka barreessan qajeelfama kennuun barsiisotarraa ragaa walitti qabamee jira.

## 3.8 Mala Oddeeffaannoon ittiin Xiinxalamee fi Qaacceffame

Malli odeeffannoon ittiin xiinxalamee fi qaacceffame,ragaaleen karaa daawwannaa daree galuutiin argamee fi ragaaleen kuusaa barreeffamoota adda addaa irraa walitti qabame,akkasumas odeeffannoon qormaataan walitti qabame mala qaaccessa ragaa akkamtaa fi ammamtaatti fayyadamuun boqonnaa afur keessatti qaacceffamuun dhuma irratti ibsi itti kennamee jira. Kunis, jalqaba irratti ragaa argame qaaccessuu,bakka barbaachisaa ta'etti lakkoofsaan kan ibsamee fi dhuma irratti ammoo mala akkamtaan yookiin jechaan ibsi itti kennamee jira.

# BOQONNAA AFUR: RAGAA XIINXALUU FI QAACCESSUU

Boqonnaa kana keessatti gaafileen bu'uuraa qorannoo kanaa hundi odeeffannoo karaa sakatta'a dokumantii daawwannaa daree fi qormaataatiin barsiisota irraa walitti qabaman xiinxalamuun qaacceffamanii jalattimmoo ibsi itti kennamee jira.

## 4.1 Odeeffannoo Dhuunfaa Barsiisota Odeeffannoo Kennanii

Odeeffannoon dhuunfaa barsiisota ragaan irraa fudhatamee saalli,sadarkaan barnootaa isaanii,tajaajilli yookiin muuxannoo isaanii fi ,gosti barnootaa isaanii waliin akka armaan gadiitti dhihaateera.

| Baayina barsiisotaa | | | Sadarkaa barnootaa | | | | | | Muuxannoo waggaadhaan | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Dipiloomaa | | | Digirii | | | | | |
| Dhi | Du | Id | Dhi | Du | Id | Dhi | Du | Id | 1-5 | 6-10 | 11-15 |
| 16 | 21 | 37 | 12 | 18 | 30 | 4 | 3 | 7 | 14 | 13 | 10 |

Gabatee 1. 4.1: odeeffannoo dhuunfaa odeeffannoon irraa funaaname kan agarsiisu.

Akka gabatee odeeffannoo kennitootaa armaan olii irraa hubachuun danda'amutti,barsiisonni odeeffannoon irraa fudhatame barsiisota manneen barnoota 15 irraa kan fudhataman yommuu ta'u, barsiisota dhiiraa 16 fi dubartoota 21 dha. Akka walii galaatti barsiisonni manneen barnootaa kanneen irratti Afaan Oromoo kutaa 5-8 barsiisaa jiraatanii odeeffannoo kanaaf fudhataman barsiisota 37 akka ta'an hubatamee jira.

Sadarkaa barnootaatiin yommuu ilaallu barsiisonni dhiiraa 12(%32.4) dubartoonni 18(%48.6 ) dippiloomaa fi dhiirri 4 (%10.8) digirii yommuu ta'an, dubartoonni ammoo 3(%8.1) digirii akka ta'an hubatamee jira..Kanarraa wanti hubatamu barsiisonni manneen barnootaa kanneenitti Afaan Oromoo barsiisaa jiran irra caalaan isaanii sadarkaa barnootaan dippiloomaa kan qaban yommuu ta'u,muraasni isaanii immoo sadarkaa barnootaa digirii kan qaban ta'uu agarsiisa.

Gama biraatiin, muuxannoo hojii isaaniitiin yommuu ilaallu barsiisonni muuxannoo waggaa 1-5 ta'an 14 kan ta'aniifi kanneen muuxannoo waggaa 6-10 ta'an 13 akkasumas, kanneen muuxannoo waggaa 11-15 ta'an barsiisota 10 )dha.Walumaagalatti,barsiisonni odeeffannoon irraa fudhatame akka ibsa tajaajila isaanii kanarraa arganeetti irra caalaan isaanii muuxannoo waggaa 1-10 gidduu

kan jiranii fi muraasni immoo muuxannoo waggaa 10-15ti Kanaafuu barsiisonni kunneen muuxannoon kan fooyye qabaniidha.

Dabalataan gosa barnoota barsiisaniin yoo ilaalamu akkaataa gabatee armaan gadiitiin qaacceffamni isaa dhihaatee jira.

Table 2. 4.2 Odeeffannoo Gusa Barnootaa Barsiisota Iddattoof Filatamanii

| Gosa Barnootaa | Baay'ina Barsiisotaa | | |
|---|---|---|---|
| | Dhi | Du | Ida |
| Afaan Oromoo | 3 | 6 | 9 |
| Herreega | 2 | 2 | 4 |
| Fiiziksii | 2 | 3 | 5 |
| Baayooloojii | 3 | 5 | 8 |
| Saayinsii Hawaasaa | 4 | 3 | 7 |
| Ispoortii | 2 | 2 | 4 |

Oddeeffannoo barsiisotaa gama gosa barnootaa ittiin leenji'aniin yoo ilaalamu barsiisonni Afaan Oromootiin leenji'an dhiira 3(%8.1) fi dubara 6(%16.2) yoo ta'an walii galaan 9(%24.3) ta'u.Herreegaan dhiira 2(%5.4) fi dubara 2(%5.4),waalii galaan 4(%10.8),Fiiziksiin dhiira 2(%5.4) fi dubara 3(%8.1)walii galaaan,5(%,13.5)Baayooloojiin dhiira 3(%8.1)fi dubara 5(%13.5 walitti 8(%21.6) Saayinsii Hawaasaan dhiira 4(%10.8) fi dubara 3(%8.1) walitti 7(%18.9)fi Guddinaa fi jabeenya qaamaatiin dhiira 2(%5.4) fi dubara 2(%5.4)walitti 4(%10.8) akka ta'an adda baafamee jira.

Gabatee deeffannoo gosa barnootaa barsiisonni ittiin leemji'anii Afaan Oromoo barsiisaa jiran irraa hubatamutti harki sadi(%75) gosa barnootaa biraatiin leenji'anii Afaan Oromoo kan barsiisaa jiran yommuu ta'u, kan Afaan Oromootiin leenji'anii Afaan Oromoo barsiisaa jiran immoo harka tokko(%25) qofaa ta'uun isaa odeeffannoo kanarraa mul'ateera.

Kanarraa wanti hubatamu barsiisota Afaan Oromoo kutaa 5-8 iddattoo kanaaf filataman keessaa irra caalaan isaanii Afaan Oromootiin kan hin leenji'in gosa barnootaa kaawwan cinaatti Afaan Oromoo kan barsiisaa jiran ta'uutu hubatama.Kun immoo seera barreeffamaa Afaan Oromoo eeganii barreessanii barsiisuurratti hanqinni uumamuu akka danda'u agarsiisa.

## 4.2 Xiinxala Ragaalee Madda Sakatta'a Dokumantii, daawwiifi qormaata Irraa Argame

Mata duree kana jalatti ragaa dokumantiiwwan barsiisotaan barreeffamanii ol kaahaman, daawwannaan daree galuun taasifameefi qormaata deebii gabaabaafi barruu yookiin keeyyata mataduree kenname irratti hundaa'anii akka barreessan taasifamuun walitti qabaman boqonnaa kana keessatti karaa adda addaan ilaalamuun xiinxalamee duraa dubaan dhiyaatee jira.

Bu'uuruma kanaan,ragaa barreeffamaa kanneen akka yaadannoo adda addaa, karoora torbee, karoora waggaa,karoora gumii,dagaaginaafi ogummaa walitti fufaa (DOW)fi kan kana fakkaatan kuusaa barreeffamootaa keessa sakatta'uun argamefi odeeffannoowwan daawwannaa daree irraa argame akkasumas,odeeffannoon qormaata irraa walitti qabaman xiinxalamuun ibsi itti kennamee jira.Odeeffannoo argame kana irraa dandeettii barreessuu barsiisonni afaan oromoo manneen barnoota Sad.1ffaa kutaa 5-8 akkaataa armaan gadii kanaan xiinxalamee dhihaateera.Hanqinoonni odeeffannoowwan kanneen irraa argaman : hanqina qubeessuu,sirna tuqaalee, qub-guddeessa, qulqullina barreeffamaa, qindoomina barreeffamaa seerluga, hima sirriitti fayyadamuufi keeyyata sirrriitti fayyadamuutiin jiru tokko tokkoon dhihaatee jira.

### 4.2 Xiinxala Madda Ragaalee gama sirrummaa fi dogoggoraatiin

| | Xiyyeeffannoo Sakatta'a barruu,Daawwannaa daree fi qormaataa | Barsiisota deebii sirrii kennan | | Barsiisota deebii dogoggoraa kennan | | | Ida'ama%100 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Lakk | %100 keessaa | Lakk | %100 keessaa | Lakk | |
| 1 | Dogoggora qubeessuu | 27 | 72.97 | 10 | 27 | 37 | 100 |
| 2 | Dogoggora sirna tuqaalee | 24 | 64.86 | 13 | 35 | 37 | 100 |
| 3 | Doggora qub-guddeessaa | 25 | 67.5 | 12 | 32.4 | 37 | 100 |
| 4 | Dogoggoraseer-lugaa hima keessatti | 23 | 62 | 14 | 37.8 | 37 | 100 |
| 5 | Hannqina ijaarsa keeyyata | 26 | 70.27 | 11 | 29.7 | 37 | 100 |

Gabatee 3. 4.2 Xiinxalli odeeffannoo gabatee armaan olii tokko tokkoon akka armaan gadiitti xiinxalameera.

### 4.3.1 Xiinxala Hanqina Qubeessuu wal qabatan

Akka ragaan xiinxala sakatta'a barruulee,daawwii daree fi qormaata irraa argame ibsutti hanqinoonni qubeessuu wajjin walqabatee mul'ate,gama sirrummaa fi dogoggora qubeessuutii gabatee armaan oliirratti yoo ilaalamu barsiisonni sirriin qugeessan 27(%72.97) yommuu ta'an kanneen dogoggoraan barreessan immoo 10(%27) kan ta'aniidha, Hanqinoonni mul'atanis kanneen akka sagalee gabaabaa dheeressuu, sagalee dheeraa gabaabsuu,sagalee jabaa laaffisuu,laafaa jabeessuu akkasumas jecha hudhaa fi irra butaa sirnaan barreessuu dhabuun kan wal qabatan waan ta'eef tokko tokkoon dogoggoroota kanaa jechoota irraa jalqabuun hanga keeyyataatti waan mul'atuuf tokko tokkoon odeeffannoo sakatta'a dokumantiiwwan olkaahama, daawwannaa daree taasifamee fi qormaata irraa argameen qaacceffamuun xiinxalamee haala armaan gadiitiin dhihaatee jira.

Table 4. 4.3 Xiinxala Jechoota Sagaleen Osoo Gabaabbachuu Qabuu DHeereffamee Qubeeffame

| Jeechoota dogoggoraa | Sirreeffama isaanii |
|---|---|
| Ni Caaqasuu | Ni Caqasu |
| Gosaa | Gosa |
| Guumii | Gumii |
| Kaaroora | Karoora |
| Kanaa | Kana |
| Dhumaa | Dhuma |
| Ni hubaatu | Ni hubatu |
| Ciiroo | Ciroo |

Akka gabatee 4.3 armaan olii kana irraa hubatamutti jechoonni barsiisotaan yeroo karoora ,portifooliyoo,DOW,akkasumas, yeroo deebii qormaataa barreessan himoota keessatti dogoggoraman walitti funaanamuun bakka tokkotti xiinxalamaniiru.Gabateen 4.3 armaan olii kunis jechoota gabaabbatanii barraahuu qaban yeroo dheeratanii barraahan kan agarsiisuudha. Fakkeenyaaf, jecha yookiin gaalee "ni caqasu" jedhu barreessuuf dogoggoraan "ni caaqasu" jechuun barraaheera.Jechi yookiin gaaleen kunis,karoora barsiisaa irraa kan fudhatamee fi hima" Barattoonni ni caaqasu" jedhamee dogoggoraan barreeffame irraa kan fudhatameedha.

Akkuma fakkeenya kana irraa mul’atutti qubeen dubbachiiftuu /-aa-/ kan birsaga jalqabaa jecha caqasuu jedhu irratti argamu kan gabaabbatee bifa /-a-/ tiin barraahuu qabu waan dheeratee barraaheef hiika jechaa jijjiireera. Akkasumas, birsaga dhumaa jecha yookiin gaalee”ni caaqasuu” jedhuu keessatti qubee dubbachiiftuun /-uu/ dheeratee barraahuun jecha kana irratti dogoggora kan uumeefi ergaan darbuuf fedhame akka hin darbine godheera.

Fakkeenya 2ffaa gabatee 4.3 armaan olii irratti jecha gabaabaa ‘gosa’ jedhu qubeessuuf dogoggoraan 'gosaa’jechuun barraaheera.Fakkeenyi kunis,karoora barsiisaa irraa kan fudhatame yommuu ta’u,’gosa barnootaa’ jedhamee barraahuuf ‘gosaa barnootaa’jechuun dogoggoraan barraaheera.As keessattis,qubeen dubbachiiftuu birsaga dhumaa jecha ‘gosaa’ jedhuu kun /-aa/’n dheeratee waan barraaheef hiika jecha kanaa irratti dogoggora uumee jira..Jechi kun bifa sirrii ta’een yoo qubeeffamu birsagni jalqabaa fi dhumaa jecha ‘gosa’jedhuu kun lamaanuu gabaabbatee barraahuu qaba.

Fakkeenyi 3ffaan gabatee 4.3 armaan olii inni biroon jecha gabaabaa ‘gumii’ jedhu barreessuuf dogoggoraan‘guumii’jechuun jechi gabaabaan dheereffamee barraaheera.Fakkeenyi kunis,qormaata barreeffamaa keeyyata yookiin barruu barreessuu irraa kan fudhatame yoo ta’u,qubeen dubbachiiftuu /-uu/ dheeratee barraahuun jechi kun dheeratee barreeffamuun akka jechi kun hiikni isaa jijjiiramu taasiseera.Haaluma walfakkaatuun jecha ‘karoora’ jedhu qubeessuuf yookiin barreessuuf dogoggoraan ‘kaaroora’ jedhamee barraahee jira.As keessattis jechi gabaabbatee barraahuu qabu dheeratee barraaheera.Jecha ‘kana’ dogoggoraan ‘kanaa’ jechuun,jecha ‘dhuma’ jedhu barreessuuf ammoo ‘dhumaa’ jechuun,gaalee ‘ni hubatu’jedhu barreessuuf ‘ni hubaatu’ jechuun,jecha ‘ciroo’ jedhu barreessuuf dogoggoraan ‘ciro’ jechuun barreefameera.

Walumaagalatti, gabateen 4.3 armaan olii kun jechoonni dheeratanii barraahuu qaban dogoggoraan gabaabbatanii barraahuu kan agarsiisuu fi hiika jechootaa irratti jijjiirama kan fidu ta’uu agarsiisa.. Fakkeenyonni kunis, sakatta’a barruu,daawwannaa daree keessaa fi qormaata irraa kan fudhatamaniidha.

Gabatee 5. 4.4:Xiinxala Dogoggoroota Jechoota Osoo Dheerachuu Qabanii Gabaabbatanii barreeffamanii

barreeffamanii

| T/l | Jeechoota dogoggoraa | Sirreeffama isaanii |
|---|---|---|
| 1. | Bu’a garii | Bu’aa gaarii |
| 2 | Raayya barnoota | Raayyaa barnootaa |
| 3 | Ballaa wajja’oo | Baallaa waajja’oo |
| 4 | Kanan | Kanaan |
| 5 | Biran | Biraan |
| 6 | Busii | Buusii |
| 7 | Bamaqa | Bamaqaa |
| 8 | Durdubee | Durduubee |

Gabatee 4:4 armaan olii kana irratti fakkeenya jechoota yookiin gaaleewwan dheeratanii barreeffamuu otoo qabanii gabaabbatanii barraahan yeroo ta’u,innis kan fudhatame kuusaa barreeffamootaa barsiisotaan barraahe,wantoota daawwannaan argameefi dogoggoroota barsiisonni yeoo qormaataa jechoota sagalee dheeraa qaban gabaabsanii barreessan irraa walitti funaanamuun kan fudhatamaniidha.Akka fakkeenya armaan olii kana irraa hubatamutti,gaalee ‘bu’aa gaarii’jedhu barreessuuf,sagaleen isaa gabaabbatee dogoggoraan ’bu’a garii’jechuun barraaheera.As keessattis,jecha jalqabaa ‘bu’aa’jedhuufi jecha isa lammaffaa ‘gaarii’ jedhu irraa qubee dubbachiiftuun /-a/ tokko irraa hir’achuun waan barraaheef dogoggoraan ‘bu’a’fi ‘garii’ jechuun waan barraaheef hiika jecha yookiin gaalee kanaa jijjiireera.

Fakkeenya lammaffaa gabatee armaan olii irratti gaalee ‘raayyaa barnootaa’ jedhu barreessuuf sagaleen dheeratee barraahuu qabu gabaabbatee‘raayya barnoota’jedhamee barraaheera.Fakkeenyi sadaffaan fudhatame karoora guyyaa barsiisaa irraa yommuu ta’u,innis,maqaa mana barumsaa ‘Baallaa Waajja’oo’ jedhu qubeessuuf ‘Ballaa Wajja’oo’ jechuun sagalee dheerachuu qabu gabaabsuun barreeffamee jira.Gaaleen maqaa mana barumsaa ibsu kunis,dogoggoraan qubeen dubbachiiftuu /-a-/waan irraa hir’atteef gabaabbachuun hiika maqaa mana barumsaa kana jijjiireera.

Fakkeenya itti aanu irratti jechoonni akka‘kanan, biran, busii, bamaqa, durdubee ,jedhan bifa gabatee irratti mul’atuun dogoggoraan sagaleen dheeratee barraahuu qabu dogoggoramuun

gabaabbatee barraaheera. Kun ammoo hiika waan jedhamuun barbaadame sana dhiisee hiika biraa kennuu isaa agarsiisa.

Table 6. 4:5 Xiinxala Dogoggora Jechoota Osoo Laafuu Qabanii Jabeessuun Barreeffaman

| Jeechoota dogoggoraa | Sirreeffama isaanii |
|---|---|
| Xummura | Xumuura |
| Wayyitii | Waytii |
| Gaddi | Gadi |
| Gummii | Gumii |
| Kanattiin | Kanaatiin |

Akka fakkeenya gabtee 4.5 armaan olii kana irraa hubatamutti jechi ‘xumuura’ jedhu ‘xummura’jedhamuun,jechi ‘waytii’jedhu ammoo ‘wayyitii’jedhamuun jechi laafee barraahuu qabu jabaatee dogoggoraan barreeffamee jira.Akkasumas,’gumii’ jechuuf ‘gummii’,’gadi’jechuuf ‘gaddi ’jechuun fakkeenya gabatee armaan oliirratti barraa’ee jira. Kun yommuu gara hiika isaatti deebi’amee ilaalamu jechi ‘gumii’ jedhu ‘gummii’jechuun hiika dhabee argameera.Jechi ‘’gadi’jedhu kan silaa kallattii agarsiisu ‘gaddi’ jedhamuun gara waan nama hin gammachiifneetti hiika jechichaa jijjiiruun mul’ateera.Kun kan agarsiisu dogoggorri qubee jijjiirama hiikaa fiduu akka danda’u nama hubachiisa.

**Gabatee 7. 4 :6 Xiinxala Dogoggora Jechoota Sagalee Osoo jabaachuu qabanii Laaffisuun Barraa’an**

| Jeechoota dogoggoraa | Sirreeffama isaanii |
|---|---|
| Kenameen | Kennameen |
| Gurmeesan | Gurmeessan |
| Murteesineera | Murteessineerra |
| Kanaraa | Kanarraa |
| Baratoota | Barattoota |
| Bu’a qabeessuma | Bu’a qabeessummaa |
| Dogogora | Dogoggora |

Gabatee armaan olii irraa akka hubatamutti,jechoonni jabaatee barreeffamuu qabu laafee barreeffamuun hiika jecha barreeffamuuf barbaadamee jijjiiree jira.Kunis,akkumuma gabatee 4.6 irraa akka hubatamutti jecha ‘kennameen’jedhu barreessuuf dogoggoraan’kenameen’ jedhee barraaheera.Jecha kana irrattis,qubeen dubbifamaa /-n-/ irraa hafuun jechi kun akka laafu taasiseera.Jecha lammaffaa irratti ammoo jecha ‘gurmeessan’ jedhu qubeessuuf yookiin barreessuuf ,jechi jabaan laafee ‘gurmeesan’ jechuun dogoggoraan barraaheera.

Jecha kana keessattis qubeen dubbifamaa /-s-/irraa waan hafteef jechaa jabaatee barraahuu qabu laafee akka barraahuu taasiftee jirti.Kun ammoo hiika jechaa irratti dhiibbaa taasisee jira.

Bifuma walfakkaatuun jechi‘murteessineerra‘jedhu jedhu dogoggoraan‘murteesineerra’jechuun barraaheera.Jecha kana keessattis qubeen dubbifamaa /-s-/’n waan irraa hafteef jechi jabaan laaafee jira.Dabalatees,jechoonni akka ‘kanaraa’,’baratoota’ ‘bu’a qabeesuma’jechoonni kunneen kanneen dogoggoraan barreeffamaniifi siirrffamni isaaniis bifa gabatee keessatti mul’atuun ‘kanarraa’,’barattoota’fi ‘bu’a qabeessummaa jechuun sirreeffamee barraaheera

Gabatee 8. 4.7 Xiinxala Dogoggora Jechoota Irra butaan Osoo Barbaadanii Irra buta Malee Barreeffaman

| Jechoota dogoggoraan qubeeffaman | Sirreeffama isaanii |
|---|---|
| Erigaa | Ergaa |
| Sirina tuqaalee | Sirna tuqaalee |
| Dogoniggora | Dogngora |

Afaan oromoo keessatti jechoonni irra butaa kan uumaman yeroo qubeen dubbifamaa gosa garaa garaa lama jecha tokko keessatti walitti aananii galan yommuu ta’u jechi irra butaa kun sirnaan yoo hin barroofne seera afaanichaa kan cabsu ta’a.Fakkeenyi gabatee armaan olii kunis kana kan agarsiisuu fi jechoota irra butaman gidduu qubeen dubbachiifuu /-i-/seentee jirti kun ammoo seera barreeffama afaanii kan diigee fi dogoggora kan ta’eedha.

Jechi‘ergaa’jedhu dogoggoraan ‘erigaa’ jechuun barreeffameera.Bifuma walfakkaatuun jechi‘sirna’jedhu ammoo dogoggoraan ‘sirina’ jechuun barraaheera.Jechi‘dogoggora’jedhus’ dogoniggora’ jechuun barraaheera. Fakkeenyonni kun dabalee irratti maxxanfamee waan jiruuf achirraa mirkaneeffachuun ni danda’ama.

Gabatee 9. 4.8 Xiinxala Dogoggora Jechootaa Hudhaan Barbaadanii

| Jechoota dogoggoraan qubeeffaman | Sirreeffama isaanii |
|---|---|
| Itti qophaaee | Itti qophaa’ee |
| Barsiisaan leenjiiuu dhabuu | Barsiisaan leenji’uu dhabuu |
| Taa | ta’a |
| Ijaan tooachuu | Ijaan too’achuu |
| Irra deebianii barreessuu | Irra debi’anii barreessuu |

Akka gabatee 4.8 armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu jechoonni yookiin gaaleewwan gabatecha keessaa karoora barsiisaa,qormaata barreeffamaa barsiisotaan barreeffame irraa kan funaanameedha.

Akkuma beekamu hudhaan afaan oromoo keessatti bakka qubeen dubbachiiftuu gosa adda addaa lama walitti aananii galanitti yookiin bakka qubeen dubbachiiftuu gosa tokkoo jecha tokko keessatti sadi ta'anii walitti aananii galanitti adda baasuun akka jechi sun hiika qabaatu taasisa. Akka gabatee armaan olii kana irraa ilaallutti jechoonni hudhaa osoo barbaadanii hudhaa malee barreeffaman ni mul'atu. Fakkeenyaaf gaalee 'itti qophaa'ee'jedhu barreessuuf dogoggoraan 'itti qoophaaee' jechuun barraa'eera. kun ammoo jechi kun akka hiika hin qabaanne taasiseera. Gabateedhuma armaan olii keessatti fakkeenyi lammaffaan deebii qormaata keessatti barsiisotaan barreeffame yoo ta'u, gaaffii "rakkoon sirnaan Afaan Oromootiin qubeessuu dhabuu maali?"gaaffii jedhuuf 'barsiisaan leenjiuu dhabuu'jechuun deebiin kennameera.Askeessatti jecha 'leenji'uu'jedhu barreessuuf hudhaa utuu gidduu dubbachiiftuu /i/fi /uu/ utuu hin galin barraaheera.

Kunis,jechi kun akka hiika hin qabaanne taasiseera.Fakkeenya sadaffaa irratti ammoo jecha 'ta'a'jedhu qubeessuuf dogoggoraan 'taa' jechuun barraaheera.Kun ammoo waan hudhaan gidduu hin galleef jecha ta'uu dhiisee birsaga ta'ee jira.Bifuma walfakkaatuun gaalee 'ijaan too'achuu' jedhu barreessuuf hudhaa utuu hin fayyadamin 'ijaan tooachuu' jechuun barreeffamuun jecha kana akka hiika hin qabaanne taasiseera.Fakkeenyi inni dhumaa gabatee armaan olii keessaa qormaata irraa kan fudhatamee fi 'irra deebi'anii barreessuu' kan jedhu dogoggoraan 'irra deebianii barreessuu'jechuun barraaheera. Fakkeenyota kanneen irraa wanti hubatamu hudhaa sirnaan yoo hin fayyadamne hiika jechaa kan jijjiiru yookiin inumaayyuu jecha sana kan hiika dhowwu ta'uu isaati.

Akkawaliigalaatti hanqinni gama qubeessuutiin darbee darbee kan mul'atu ta'uu isaa hubatama.Kunimmoo gabatee 4.2 armaan olii irratti barsiisonni qubeessuun dogoggoran kudhan yoo ta'an, kanneen sirreessanii barreessan immoo barsiisota digdamii torba akka ta.an ragaa gama sakatta'a barruu,daawwannaa daree fi qormaataan walitti qabaman irraa dogoggoroonni qubeessuun wal qabatan kanneen akka sagalee iddoo jabaachuu qabutti laaffisuu,iddoo

jabaachuuu qabanitti laaffisuu,isa dheerachuu qabu immoo gabaabsuun barreessuu fi kan kana fakkaatan hanqina barreessuu ta’uun qaacceffamuun xiinxalameera.

### 4.3.2. Xiinxala Dogoggora Sirna Tuqaalee Barreeffama Keessatti

Wantoota barreeffama tokko guutuu taasisan keessaa inni tokko sirna tuqaaleeti. Sirna tuqaalee kanneen jedhaman fakkeenyaaf tuqaa,tuqlamee,qoodduu,mallattoo raajeffannoo,mallattoo waraabbii,mallattoo gaaffii,sarara xiqqaa fi kan kana fakkaatan yommuu ta’an hundi isaaniiyyuu kophaa kophaatti tajaajila adda addaa qabu.Kanaaf,itti fayyadama sirna tuqaaleerratti of eeggannoon jiraachuu qaba.Fakkeenyaaf, tuqaa dhuma himootaarratti kan fayyadamnu yoo ta’u, qoodduu garuu yaadota wal fakkaatan yookiin wantoota tarreeffaman walirraa addaa baasuuf kan fayyadamnuudha.

Kanas, xiinxaluuf akka mijaa’utti sakatta’a dookumantii, daawwannaa daree fi qormaata dhihaate keessaa akka gabatee 4.3 armaan oliirratti basiisonni hanqina sirna tuqaalee kan qaban 13(%35.1) yommuu ta’an,barsiisonni sirna tuqaalee sirnaan fayyadaman digdamii 24(%64.86) dha.Akka 0deeffannoo kanaatti sirna tuqaalee sirnaan fayyadamuu irratti hanqinni kan jiru ta’uu nama agarsiisa.Hanqinoota mul’atan kana fakkeenyaan fudhachuun qaacceffameera.As keessatti xiyyeeffannoon sirna tuqaaleef haa kennamu malee dogoggoroonni biraa hin jiru jechuu miti.

Fakkeenya 1ffaa qormaata barreeffamaa armaan gadii irratti gaaffii 6ffaa yoo fudhanne gaaffii “barattoota keetiif abbaltii yeroo kennitee gaafa ilaaltu hanqina akkamii argita?”isa jedhuuf yeroo deebii kennan sirna tuqaalee keessaa qoodduu(,) otuu hin fayyadamin callisanii hanqinicha ‘qubeessuu sirna tuqaalee qub-guddeessa jechuun tarreessanii jiru. Kana males,dhuma himootaa irratti mallattoo tuqaa otuu hin fayyadamin barreessanii jiru.Kun ammoo kan agarsiisu dogoggorri fayyadamiinsa sirna tuqaalee jiraachuu isaati.Fakkeenyonni sakata’a barruu ammoo dabalee ‘A’ irratti maxxanfamee waan jiruuf achirraa mirkaneeffachuun ni danda’ama.

### 4.3.3 Xiinxala  Itti Fayydamiinsa Qub-Guddeessaa

Gabatee 10 4.8   Xiinxala  Dogoggora  Qub- guddeessaa

| T/L | Kanneen dogoggoraman | Sirreeffama isaanii |
|---|---|---|
| 1 | Afaan oromoo | Afaan Oromoo |
| 2 | barreeffama Jalqabaa | Barreeffama jalqabaa |
| 3 | Mana barumsaa qeroo Arfeetii | Mana  Barumsaa Qeroo Arfeetii |
| 4 | miseensota Gumii | Miseensota Gumii |
| 5 | Mana barusaa baallaa waajja’oo | Mana Barumsaa Baallaa Waajja’oo |


Gabatee 4.8 itti fayyadama qub-guddeessa ilaalchisee barsiisota tokko tokko biratti jalqaba himootaa irratti qub-guddeess fayyadamuu dhabuu ,gidduu himootaatti yookiin jechootaatti fayyadamuun ragaa odeeffannoorraa argameen mul’atee jira. Akka ragaa odeeffannoo gabatee 4.2 armaan olii gama sirrummaa fi dogoggora qub-guddeessaan mul’atuutti barsiisonni 25(%67.56) ta’an qub-guddeessatti sirnaan kan fayyadaman yoo ta’u,barsiisonni 12(%32.4) immoo kanneen dogoggora qub-guddeessaa qabaniidha.

Fakkeenyaa 1ffaa  deebii qormaataa barsiisotaan barraahe  armaan gadii gaaffii 1ffaa “Dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti tarsimoo akkamiitti gargaaramuun barattoota keessan shaakalsiiftu”jedhuuf yommuu deebii gaabaabaa kennan sarara 1ffaa irratti “barreeffama Jalqabaa kennuu” jedhanii iddoo deebiirratti kan deebisan ni mul’ata. Jalqabarratti   ‘b’n osoo qubee guddaan barraahuu qabuu ‘j’n   gidduurratti qubee guddaan barreeffamee argamee jira.

Akkasumas gaaffii 3ffaarratti deebiin  sarara jalqabaarratti kenname ‘Afaan oromoo’ kan jedhu ni mul’ata.’o’n akkuma ‘a’ qubee guddaan barraahee  argamuu osoo qabuu qubee xiqqaan  barraahee jira. Fakkeenya 2ffaa  karoora barsiisaa irraa  kan fudhatame yoo ilaalle maqaa mana barumsaa ‘Baallaa Waajja’oo’ jedhu barreessuuf qubee xiqqaan akkuma jiruu ‘baallaa waajja’oo’jechuun barreessaniiru.Mana barumsa ‘Nagaasii’ jechuuf ‘nagaasii’,mana baumsa ‘Geelloo’,’geelloo’ jechuun qubee xiqqaan barreessaniiru.Kana males,maqaan dhuunfaa fi maqaa muummeewwan barnootaa,maqaan torbanootaa qubee xiqqaan barraahee jira.


Kanaafuu ’rakkoon qub-guddeessaa odeeffannoo ragaa qormaataa fi daawwannaa daree kanarratti kan mul’atuudha....Kun kan agarsiisu qindaa’inni yaadaa fi waannuma barreeffamuuf kan

xiyyeeffannaan itti hin kennamne ta’uu nama hubachiisa.Kun ammoo dubbisaa akka ofitti hin harkifnee fi dubbisanii ergaa isaa hubachuuf rakkisaa ta’uu agarsiisa.Fakkeenya dogoggora qub-guddeessaan wal qabatu armaan gaditti ilaaluun ni danda’ama


**II. Deebii Gabaabaa Bakka Duwwaa Siif Kennametti Barreessuun Deebisi.**

1. Dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti tarsiimoo akkamiitti gargaaramuun barattoota keessan shaakalchiiftu?
2. Hanqinoota dandeettii barreessuu keessatti si mudatu tarreessi.
3. Yeroo baay’ee namoonni yeroo Afaan Oromootiin barreessan dogoggoroota hedduttu mul’ata.Akka barsiisaa Afaan Oromootti sababni dogoggora kanaa maali jettee yaadda?
4. Dandeettiiwwan gurguddoo jiran keessaa dandeettiin barreessuu ulfaataadha jedhama. Ati yaada kana irratti waliif galtaa?

   Maaliif?
5. Barreeffama gaarii jechuun isiif maali?
6. Barattoota keef abbaltii kennitee gaafa ilaaltu hanqina akkamii argita?Tarreessi
7. Tooftaan dandeettii barreessuu kutaatti barattoota ittiin madaaltu maalidha?
8. Dogoggora dandeettii barreessuu keessatti uumamu akkamitti xiqqeessuun danda’ama?


Kabajamoo Barsiisaa! Akka itti gaafatamaa/tuu gumii yookaan barnoota wal maddeessaa tokkootti raawwii hojii gumichaan hojjetame qindeessuun xalayaan muummee kee yookiin mana barumsaaf barreessi.Qabiyyee keessatti wantoota armaan gadii hammachiisi.

- ✓ Kaayyoo gumichaa
- ✓ Hojii hojjetameefi
- ✓ Bu'aa inni buuse

1. Guyya 30/9/2015
2. Mana barumsaa Leerbo Arfeetii Sadarka 1ffaa tiif Ibimii isaa Hosiinan Somii shamaraniif hojetamanis bira Akkuma Subba irratti ibsamuf Yalameti hojiiwan Sumii shamarniitiif hojetaman-Misensaa Saimeessu Gumiin marii Saffeessu. Busiin sasabbameera.
3. Misensaa Findeessu Gumiin marii Saffeessu Busiin sasabbu, iddoon bofonna shamaranii Findaera. Meshaleen taajaajilaa shamaraniif Fophaera.
4. Bu'aawan Sumiichaan argaman barrattooni shamaranii hubanno Sahaa argatanii. Meshaleen Quifuuliinaa itti eFatan Fophaera.

Fakkeenyi barreeffama armaan olii kun kan agarsiisu dogoggora itti fayyadama qub-guddeessa gabatee 4.8 armaan olii fi xiinxala achi jalatti argamu kan agarsiisu yoo ta'u,amanamummaa xiinxalichaa ifa taasisuuf kan dhihaateedha.

### 4.2.4 Xiinxala Hanqina seer-lugaa Hima Keessatti

Seerlugaan walqabatee akkaatuma qormaata irraa hubachuu fi xiinxaluun danda'ametti barsiisonni dogoggoraa seer-lgaa qabanii fi seer-luga sirriin barreessan gabatee 4.3 armaan oliirratti gama dogoggoraa fi sirrummaa seer-lugaan yommuu qaacceffamu barsiisonni 23(%62.16) seer-luga sirriin kan barreessan yoo ta'u, barsiisonni 14(%37.83) immoo kanneen dogoggoraa barreessan gama seer-lugaan kan jiru ta'uun qaacceffamee argameera. Hanqina kanas barreeffamoonni sakatta'a dookimantiirraa argaman rakkoo seer-luga sirrii yommuu deebii gabaabaa kennan yookiin himaan barreessan dogoggorri barsiisota muraasa biratti kan mul'ataniidha.Dogoggoroonni kanneenis hima sana sirrummaa isaa balleessa.Afaan Oromoo keessatti himni seer-luga sirriin barraa'u, maathima,anthima fi gochima tartiiba isaa osoo waljala hin dabarsin yoo barraa'uu baate dogoggora uumuu danda'a. Fakkeenya baarruu armaan oliirratti

gaaffii 3ffaa sarara 1ffaa irratti ‘miseensa qindeessuu gumiin marii gaggeessuu’ kan jedhu barreeffamee jira.Himni kun seer-luga sirriin kan barreeffamee miti.

Tartiibni sirriin ‘Miseensa gumii qindeessuun marii gaggeessuu’kan jedhu ta’a. Fakkeenyi 2ffaa ‘Qormaataaf koree filachuu’ kan jedhu sakatta ‘a dookumantiitiin dagaagina ogummaa walitti fufaa irraa kan argame yoo ta’u,sirriin isaa’Koree qormaataa filachuu’isa jedhu ta’a. Qabatamummaa hima kanaaf dabalee A irratti ilaaluun ni danda’ama.Akka walii galaatti himoonni akkanaa kun hima seer-luga sirriin barraa’e akka hin taane agarsiisa.Kunimmoo hanqina gama seer-luga sirriin hima ijaaruu irratti mul’ate ta’uun isaa bira gahamee jira.

### 4.2.5 Xiinxala Dogoggoraa Keeyyata Keessatti

Dogoggoroonni keeyyata keessatti mul’atan yeroo baay’ee kanneen akka dogoggora hima ijoo,yaada ijoo,himoota calla (gargaartuu) fi yaada golaabaa (xumuuraa) addaan baasuu dadhabuu fi barreeffamni keeyyatichi ittiin barraahe qulqullina kan hin qabne ta;uun keeyyaticha akka dubbisaa nuffisiisu taasisa. Akka xiinxala ragaa gama sirrummaa fi dogoggoraa gabatee 4.3 irraa mul’atuutti barsiisonni 26(%70.27) kan sirnaan barreessan yommuu ta’an,barsiisonni 11(%29.72) biratti garuu hanqinni keeyyata bifa barbaadameen barreessuu dhabuu kan mul’atuudha. Fakkeenya odeeffannoo ragaa qormaataa ajaja lammafaa mata duree ‘gumiiwwan mana barumsaa keessa jiran keessaa tokko filachuun akka itti gaafatamaa gumichaatti xalayaa barreessi ‘jedhurra barruun bifa keeyyataan barraahe barsiisota muraasa biratti qulqullina barreeffamaa kan hin qabne, keeyyanni bifa himaan harca’anii kan argaman fi himni ijoo.yaanni ijoo,himni callaan haala nama hawwatuun kan hin barraahin ta’uun isaa xiinxalamee bira gahameera. Kun kan agarsiisu gama keeyyata keessattillee dogoggorri barreeffamaa kan mul’atu ta’uussti

### 4.4. Madda Hanqinoota Dandeettii Barreessuu

Akkuma beekamu namoonni yeroo baa’ee Afaan Oromootiin yeroo barreessanu dogoggoroota heddu barreeffama isaanii keessatti uumu.Waraqaa kana keessatti gaafii qormaata deebii gabaabaa kenni jedhu lakkoofsa 3 irratti “Yeroo baay’ee namoonni yeroo Afaan Oromootiin barreessanu dogoggoroonni hedduun ni mul’ata.Akka barsiisaa Afaan Oromootti sababni dogoggora kanaa maalii jettee yaadda?” gaaffii jedhuuf deebiin barsiisotaan kenname kan yaanni walfakkaatu bakka tokkotti cuunfamuun akkaataa armaan gadiitiin deebiin isaan kennan tarraahuun xiinxalameera.”Maddi hanqinoota dandeettii barreessuu: rakkoo xiyyeeffannoo kennuu dhabuu,barsiisaan gosa barnootaa

biraan leenji'ee barnoota afaanii barsiisuu,leenjiin kennamu laafaa ta'uu,hordoffiifi deeggarsi kennamu laafaa ta'uudha" jechuun yaada isaanii lafa kaa'aniiru.Dabalataan,"waan barreessaniif xiyyeeffannoo kennuu dhabuu,waan barreessan irra deddeebi'anii dubbisuu dhabuudha jedhu."

Yaada waraabbii odeeffannoo kennitoota armaan olii irraa wanti hubatamu maddi rakkoo dandeettii barreessuu irratti jiru rakkoo waan barreessan dursanii ofii dubbisuu,hanqina irra deddeebiin barreessuu dhabuu,waan barreessaniif xiyyeeffannoo kennuu dhabuufi Afaan Oromoo afaan kooti jedhanii  salphisanii ilaaluu ,akkasumas,gosa barnootaa biroon leenji'anii Afaan Oromoo barsiisuun madda hanqinootaa isaan bu'uuraa akka ta'e  xiinxalamee bira gahameera. .Fakkeenya barruu qormaata kanaa immoo dabalee' c'irraa ilaaluun nidan

## 4.5 Tooftaa Hanqinoota Dandeettii Barreessuu Ittiin Xiqqeeffamuu Danda'AMU

Tooftaan dogoggooroota dandeettii barreessuu irratti mudatan ittiin xiqqeessinu maali isa jedhuuf, odeeffannoo kennitoota irraa cuunfaan yaadotaa akka itti aanutti barraaheera. Qormaata deebii gabaabaa 'Dogoggora dandeettii barreessuu keessatti uumamu akkamitti xiqqeessuun danda'ama?'kan jedhuuf deebii yeroo kennan Kunis, shaakala walirraa hin cinne taasisuu,irra deddeebiin shaakaluu,waan barreessan irra deddeebi'anii dubbisuudha.Dabalataan, tooftaalee barreessuu adda addaa shaakaluu; kunis,barreeffama jalqabaa barreessuu,irra deebbi'anii barreessuufi dhuma irratti gulaaluudha yaanni jedhu hubatameera.Akka ragaa deebii odeeffannoo kennitoota kanarraa hubatamutti tooftaan hanqina dandeettii barreessuu keessatti mudatan ittiin xiqqeessan waan barreessaniif xiyyeeffannoo kennuu,waan barreessan irra deebi'anii dubbisuu,yeroo yeroon barreessuurratti shaakala walirraa hin cinne taasisuu akka ta'e xiinxalamee jira.

Walumaagalattii, boqonnaa arfaffaa keessatti qaaccessi odeeffannoo jalqaba irratti odeeffannoon dokumantiiwwan adda addaa irraa argamee, daawwannaa,fi  odeeffannoon qormaata keeyyata irraa argamee fi gaaffilee deebii gabaabaa irraa argame xiinxalamuun qaacceffameera. Itti aansuun bu'aa xiinxalaa fi qaaccessaa kan ta'e rakkooleen dandeettii barreessuun walqabatan, maddi rakkoo kanaa maal akka ta'ee fi akkamitti xiqqeessuun akka danda'amu, dogoggoroonni kunis, dogoggora qubee,sirna tuqaalee,qub-guddeessaa, akkasumas,dogoggoroonni seerlugaa himaa fi keeyyata  kan jiru ta'uun xiinxala taasifame irraa hubatameera.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

## 5.1 Goolaba

Qorannoon mata duree“xiinxala dandeettii barreessuu barsiisota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa kutaa 5-8 ” yeroo ta’u, bakki inni irratti adeemsifame ammoo godina Jimmaa aanaa Qarsaati.Qorannoo kana adeemsisuuf wantoonni qorattuu kakaase hojii supparviizyinii barnootaaf yeroo manneen barnootaa adda aaddaa deemaa turtetti rakkooleen dandeettii barreessuun walqabatan baay’inaan jiraachuu isaa waan hubatteefi.

Kaayyoon guddaan qorannoo kanaas,hanqinni Afaan Oromootiin barreessuu keessatti barsiisonni manneen barnootaa Aanaa Qarsaa sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 qaban maal fa’a akka ta’an addeessuu, maddi hanqinichaa maal akka ta’e ibsuu fi hanqina dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu keessatti mul’atan tooftaa ittiin xiqqeessuun danda’umu adda baasuun xiinxaluudha.

Kaayyoo kana galmaan ga’uuf qorattuun gosa qorannoo ibsaa kan fayyadamte yeroo ta’u, meeshaalee funaansa ragaa sakatta’a dookmantii, daawwannaa fi qormaata,tooftaa iddatteessuu miti carraa fayyadamuun barsiisota irraa odeeffannoo walitti qabdee jirti..Odeeffannoo walitti qabaman ammo yaaxxina adeemsaa fi bu’aatti gargaaramuun odeeffannoo kana erga qaaccessiteen boodaa itti aansuun ibsa itti kennitee jirti.

Dimshaashumatti oddeeffannoon walitti qabaman kunneen dhimmoonni isaa irratti bu’uureffatan gosa hanqinaa dandeettii barreessuu irratti barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 5-8 qaban, madda hanqina dandeettii barreessuu barsiisota kanneenii fi tooftaalee hanqinoota dandeettii barreessuu barsiisotaa kanneen ittiin xiqqeessuun danda’amu irratti xiinxalli kan raawwatameedha.

## 5.2 Argannoo

Bu’aa xiinxala ragaa odeeffannoo kennitoota irraa argame kanaatiin argannoowwan argaman kanneen armaan gadiiti.:

- Hanqina sirnaan qubeessuu kameen akka sagalee gabaabaa dheeressuu,dheeraa gabaabsuu,laafaa jabeessuu,jabaa laaffisuu,irra butaa,hudhaaa fi kan kana fakkaatan ,itti fayyadama sirna tuqaalee fi qub- guddeessaa,seer-lugaa ,hima sirrii barreessuu fi keeyyata sirrii barreessuu fi kan kana fakkaatan irratti hanqinni jiraachuun isaa bira gahameera. Hanqinaaleen kunneen immoo ergaa waan barbaadamee sana akka jijjiiran mul’ateera.Barreeffamni akkanaa kun immoo barreessaa fi dubbisaa kan wal dhabsiisu ta’uunisaa argamee jjira.

- ❖ Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisaa jiran irra caalaan isaanii yookiin (%75) gosa barnootaa biraatiin leenji’anii Afaan Oromoo gosa barnootaa kaawwan cinaatti qabatanii barsiisaa akka jiranii fi kan gosa barnootaa Afaan Oromoon leenji’anii Afaan Oromoo barsiisaa jiran (%25) akka ta’e bira gahamee jira.
- ❖ Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisaa jiran muraasni Afaan Oromoo dubbachuu danda’uun akka waan barreessuu danda’uutti ilaalanii Afaan Oromoof xiyyeeffannoo kennuu dhiisuun ,salphisanii ilaaluu fi qophaahummaa gama Afaan Oromoon xiqqaachuun isaa hubatameera..
- ❖ Waan barreessan irra deddeebiin ilaalanii hanqina mul’atu duubatti deebi’anii sirreeffataa deemuun barsiisota tokko tokko biratti akka hin jirres mul’ateera
- ❖ Leenjiin gahaan dhimma Afaan Oromootiin barreessuu irratti kennamaa akka hin jirre bira gahamee jira.
- ❖ Deeggarsii fi hordoffiin qaama ol-aanaan kennamu gadi bu’aa ta’uu fi waytiin Afaan Oromoof kenname gahaa ta’uu dhabuu
- ❖ Gama meeshaalee barnootaan rakkoo cimaa keessa akka jiramu.

## 5.3. Yaada Furmaataa

- Dhimmi dandeettii barreessuu dhimma xiyyeeffannoo barbaadu waan ta’eef barsiisaan Afaan Oromoo barsiisu kan gosa barnootaa biraan leenji’e ta’uun hafee Afaan Oromoon leenji’ee osoo gosa barnootaa kana barsiisee dandettii barreessuu kana salphaatti gonfatee gonfachiisuu ni danda’a.
- Barsiisaan Afaan Oromoo muuxannoo fi sadarkaa barnootaan fooyya’aa ta’an ,warra kaaniif sagantaa marii qopheessuun muummeen walitti siqanii osoo muuxannoo walirraa fudhatanii gaarii ta’a. Sababni isaa dandeettiin barreessuu ogummaawwan afaanii jiran keessaa isa murteessaa fi namoonni karaa kana ittiin walqunnamaniifi yaada isaanii ibsatanidha.
- Yeroo hammaa kana ammoo dandeettiin Afaan Oromootiin sirnaan qubeessuu baay’ee laafaa dha.Hanqinoonni kun ammoo barsiisota biratti mul’achuun isaa dhaloota dhufu qaruu keessatti gufuu guddaadha. Kanaaf, maal na dhibdeen yookiin xiyyeeffannaa utuu itti hin kennin barreessuu keessaa baanee dandeettii barreesuu yoo fooyya’e gaariidha.

- Afaan Oromoo akka gosa barnootaa salphaatti gadi buufnee ilaaluu dhiifnee yommuu baruu-barsiisuu gaggeeffamu qoophiin dursaa osoo jiraatee gaariidha.
- Gama biraatiin,rakkoon kun maddi isaa maali isa jedhu irratti qorannoon gadi fageenyaa hayyoota yookiin qorattoota birootiin irratti adeemsifamee maddi rakkoo utuu gogfamee gaariidha.
- Leenjiin dhimma dandeettii barreessuun wal qabatu yeroo yerootti barsiisota afaaniitiif osoo kennamee fi barsiisonni ofiifis waan barreessan irra deddeebi'anii ilaaluun hanqina mul'ate yoo sirreeffataa deeman dogoggora gama kanaan dhufu hambisuu danda'u.
- Sagantaan marii dhimma dandeettii barreessuu fooyyeessu barsiisuta Afaan Oromoof osoo qophaa'ee gaariidha.
- Gumiin barreessuuf dubbisuu mana barumsaa keessatti barsiisaa Afaan Oromoo muuxannoo qabuu qindaa'ee osoo hojiirra oolee.

## Wabiilee


Ann Raims, (1983). *Tecknics In Teaching Writing, oxford unvarsity press*, ISBN 0-19-4341313(pbk.).

Asafaa Tafarraa (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far-East trading PLC

Azeb Desta (1984).*Elements of general methods of teaching.* Addis Abeba: Addis Ababa University press

Beekaan Gulummaa (2015).*Tujuba. Saayinsiifi dandeettiiwwan Afaanii.* Finfinnee:elleni. p.p.plc

Brown, H.D. (1994). Principles of Language Learning and teaching.San Francisco: Prentice holl.

Byrne.D. (1979).*Teaching writing skills*.Longman.Longman group Ltd

Dastaa Dassaaleny. (2013). *Bu'uura Qorannoo*.Far East Trading Plc.

Fedhaan Nagaasaa.(1999). *Bu'uraalee Barreeffama Afaan Oromoo*.*Hidhata-II*.Finfinnee: Dhaabbata mala quunnamtii giddu-galeessaa

.

Fergus,M. (1983).*Spelling improvement*: a program for self instruction: (4th ed): Newyork M graw-Inc

Hedge, T. (1998) *Writing: Resource book for Teachers.* Oxford: Oxford University Press.

Gaber, A. (2003). The Effectiveness of a Suggested Program Based on the Whole Language *Approach in Developing Student- Teachers' Essay Writing Skills. Unpublished M.A Thesis*: Ain Shams University.

Geetaachoo Rabbirraa. (2009).*Furtuu*.Seer luga Afaan Oromoo kutaafi .Finfinnee: Kuraz International Publishing Enterprise.

Geettoo Dhufeera.(2012)."*Rakkoo Dogoggoraan Qubeessuu Afaan Orom Waajjiraalee Mootummaa aannaa Gaasaraan qaban."*AAU: Unpublished.MA

*Gragg*.G.B.(1976).Oromo of Wellaga,in M..L,Bender.(eds.) Thenon,semitic languages of Ethiopia Mitchgan state:Mmitchgan,State Univarsity Press.

Hamid Muudee. (1995). *Hamid Muude"s Oromo Dictionary*. Vol. 1, Atlanta: Sagalee Oromoo publishing Inc.Harmer, J. (1991). *The practice of English Language Teaching London*: Longman.

Hewings, A. & Curry, M. (2003). *Teaching academic writing: A toolkit for higher education,* Routledge: London and New York.

Keh, C. (1990). "*Feedback in the writing process*: Amodel and methods for implementation," ELT Journal,44/4, pp.294-304.

Khaled Besher Albesher, (2012). Developingthe writing skills of ESL students through the collaborative learning strategy,*Thesis submitted for the degree of Doctor of Philosophy (Integrated) in Education and Applied Linguistics School of Education, Communication and Language Sciences*: Newcastle University.

Langan, J. (1981). *English Skills.* New York: McGraw

Misgaanuu Gulummaa (2011). *KATTAA: Ogummaa Barreessuu*. Finfinnee.

Nunan, D . (2000). *Syllabus Design.* Oxford: Oxford Univer

Pincas Trica (1982). *Teaching English writing.* Hong Kong. Mc millan publisher lfd. sity Press.

Raimes,A. (1983). *Techniques in teaching writing. Oxford: university press.* Richards, J. C. & Renandya, W. A. (eds) (2002) *Methodology in LanguageTeaching:* An

Tafarii Ayyaanaa. (1998). *New Sytematic Book Series*.Finfinnee: Aste Nega Published.

Temesgeen Nagaasaa. (1992). *Qubee Afaan Oromoo. Wiirtuu Barruulee Waaltina Afaan Oromoo keessatti*: Finfinnee, mana maxxansaa daldalaa jildii 5ffaa fuul 36-51l


Wasanee Bashaa (1996). *Seer-lugaa Afaan Oromoo.Finfinnee*: Far-East Trading press Plc

Zoltan,D.(2007) *Research Method in applied Linguistics.Quantitative,qualitative and Mixed Methodologies*.Oxford:Oxford university press.Document Reproduuction service Ankara.

YUNIVERSIITII JIMMAA KOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTTI WARAQAA QORANNOO MUUMMEE AFAAN OROMOO ULAAGAA DIGRII LAMMAAFFAA (MA) GUUTTACHUUF DHIHAATE.


**DABALEE 'A'**- SAKATTA'A DOKIMANTII BARREEFFAMA BARSIISOTAA

Barreeffamoota barsiisonni yeroo adda addaatti mana baruumsaa galchan ol kaahan kanneen akka Dagaagina Ogummaa Walittifufaa(DOW,CPD ),Karoora barnootaa,Yaadannoo dhuunfaa irraa barsiisan fi kanneen kana fakkaatan sakatta'uun dandeettii barreessuu isaanii seera Afaan Oromoo eegee barraa'uu, kanneen akka laafinaafi jabina sagalee,dheerinaafi gabaabina sagalee, qubguddeessaa, SirnaTuqaaleef kkf gadi fageenyaan xiinxaluun ragaan qindaahe


...gaaba Piroojektii 2
...aa waliin marii'annee
...a Piroojektiichaa hin jalqabiin dura [illegible]
...rii'achuu [illegible]
- Yeroo walsahii jarsaa waliin murteessuu
- Haala jareewwan itti jurmuu'an
- Haala jaree wal jarjarsaa fi waltumsuu
itti jurmeesan irratti

Yaadannoo walsanii
...rsa kawaliin yeroo murteessinetti marii [illegible]
...jira kan ani irratti mariichuun [illegible] marii [illegible]
...itti [illegible] irratti [illegible] ka'uun mariichuu
...[illegible] bayyee hubadetuun jira akkuma jaree
...[illegible] marii mijaa'aa ta'etti jurmeessuu danda'u
...ratti jarsuu kee waliin marii baraa tausiseera
...[illegible] ka'uudhan jaree [illegible] sana marii [illegible]
...[illegible] jarii beessa [illegible] akkan danda'u
...[illegible] jaariichaa fi jaalmaa jamiinsaa
...[illegible] barachiisaa irratti haala kamiin hubachuun
...[illegible] danda'amuu irratti marii keenyaan
...[illegible] hubannoo guddaa argadera

52



Maqaa MIB Geroo Arfeesa
Maqaa barsiisaa Daadhituu
Gosa barnootaa A/Oromoo
Kutaa 8ffaa

Karoora Torbee
- guyyaa 14 — 18/09/015
- dheerina ulaagaa: 40'
- baay'ina ulaagaa: 4

| Guyyaa | Qabiyyee | Kaayyoo gooree | yeroo | gilbarsiisaa | gilbaraataa | MBB | MDB | madaallii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Wiixata | Gochima ce'oofi hafuu | Xummura ulaa. tiikanaa booda barattoonni gochima ce'oofi hafee ni ibsu. | 5' 20' 10' 5 | niyaanda chiisa ibsa kenna | niyaadata nihordofa | mala mari.. | | hojii manaa kennuu |
| Kibxata | Boq. 9 Gilgaala 2 barruu duudulaa himoota asii gadii barruu siif dubbifamu dhaggeeffachuun deebisi. | barattoonni:- barruu duudulaa himoota asii gadii barruu dubbifamu dhaggeeffachuun ni guutu. | 5' 20' 10' 5' | niyaanda chiisa ibsa kenna | niyaadata nihordofa | mala gaaffii fi deebii | | hojii manaa kennuu |
| Roobii | Gilgaala 5 gaaffilee gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa deebisi. | barattoonni:- gaaffilee gadii dubbisa dhiyaate dubbisaan ni deebisu. | 5' 20' 10' 5' | niyaanda chiisa ibsa kenna | niyaadata nihordofa | mala mari.. | | hojii manaa kennuu |
| Kamiisa | Gilgaala 6 gaaffilee asii gadii yoo sirrii ta'e dhugaa, dogoggora immoo soba jechuun deebisi. | barattoonni:- gaaffilee kenname dhugaa ykn soba jechuun ni deebisu. | 5' 20' 10' 5' | niyaanda chiisa ibsa kenna | niyaadata nihordofa | gaaffii fi deebii | | hojii daree kennuu |

Maqaa barsiisaa Daadhituu
mall [signature]
guyyaa 14/09/015

Maqaa IG/OPB MIB Maqaa
mall [signature] mall
guyyaa 14/09/2015 guyyaa

## DABALEE ‘B’ SUURAA ODEEFFANNOO YEROO DAAWWANNAA AGARSIISU






**Qormaata Barsiisota Afaan Oromoo Kutaa 5-8 Barsiisaniin Kan Guutamuudha**.

Kabajamoo Barsiisotaa!!

**Kaayyoo:** Qorannoon kun Xiinxala Dandeettii Barreessuu Barsiisota Afaan Oromoo Manneen Barnoota Sadarkaa Tokkoffaa Kutaa 5-8 Aanaa Qarsaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanaaf,

ragaan barsiisaa irraa argamu galma gahiinsa qorannoo kanaaf murteessaa waan ta'eef barsiisonni qormaata dhihaate bifa qulqullina qabuun akka guuttanu kabajaan isin gaafachaa gumaacha taasiftan hundaaf galata guddaa qabdu.

**Qajeelfama**

1. Maqaa barreessuun hin barbaachisu.

2. Gaaffiilee fi qajeelfamni ifa hin taane yoo jiraate nama qormaata kana qoraa jiru gaafadhu.

3. Gaaffilee hundumaa ajaja kenname irratti hundaa'uun bakka deebii siif kennametti barreessi.

- Maqaa mana barumsaa ___________________________
- Gosa barumsaa barsiisan__________________ Kutaa____________daree_________
- Muuxannoo hojii barsiisuu waggaa_________
- Sadarkaa barumsaa _____________________
- Yeroon qorumsicha guutuuf kenname _________________________

I. **Deebii Gabaabaa Bakka Duwwaa Siif Kennametti Barreessuun Deebisi**.

1. Dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti tarsiimoo akkamiitti gargaaramuun barattoota keessan shaakalchiiftu?
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
_______________________________________________.
2. Hanqinoota dandeettii barreessuu keessatti si mudatu tarreessi.
   - ✓ ______________________________________________________
   - ✓ ______________________________________________________
   - ✓ ______________________________________________________
   - ✓ ______________________________________________________
3. Yeroo baay'ee namoonni yeroo Afaan Oromootiin barreessan dogoggoroota heddutu mul'ata.Akka barsiisaa Afaan Oromootti sababni dogoggora kanaa maali jettee yaadda?

✓ ______________________________________________________________________
______________________________________________________________________
______________________________________________________________________
______________________________________________________________________

4. Barreeffama gaarii jechuun isiif maali?
______________________________________________________________________
______________________________________________________________________
___________________________________.

5. Barattoota keef abbaltii kennitee gaafa ilaaltu hanqina akkamii argita?Tarreessi
______________________________________________________________________
______________________________________________________________________
___________________________________

6. Tooftaan dandeettii barreessuu kutaatti barattoota ittiin madaaltu maalidha?
______________________________________________________________________
______________________________________________________________________
_____________________________________________________________________.

7. Dogoggora dandeettii barreessuu keessatti uumamu akkamitti xiqqeessuun danda’ama?________________________________________________________________
______________________________________________________________________
_________________________________________________________________________.

II.Gaaffii qormaataa barreeffamaa barruu barreessuu

I. Kabajamoo Barsiisaa! Akka itti gaafatamaa/tuu gumii yookaan barnoota wal maddeessaa tokkootti raawwii hojii gumichaan hojjetame qindeessuun xalayaan yookiin barruutiin muummee kee yookiin mana barumsaaf barreessi.Qabiyyee keessatti wantoota armaan gadii hammachiisi.

- ✓ Kaayyoo gumichaa
- ✓ Hojii hojjetameefi
- ✓ Bu'aa inni buuse

1.________________________

2.________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
______________________________________________________________

3.________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
____________________________________________________________________________

4.________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
__________________


TECNO
POP4


TECNO
POP4

## II. Deebii Gabaabaa Bakka Duwwaa Siif Kennametti Barreessuun Deebisi.

1. Dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti tarsiimoo akkamiitti gargaaramuun barattoota keessan shaakalchiiftu?
Barreeffama (salphaa) shaakalsiisuu
Waan isaan barreessan irratti marii kennuufi
Barreeffama isaanii dubbisanii ilaaluun sirreessuu

2. Hanqinoota dandeettii barreessuu keessatti si mudatu tarreessi.
   - ✓ Dogoggora qubee-gudeessaa
   - ✓ sirna tuqaalee
   - ✓ Dogoggora qubee
   - ✓ Qindaa'ina yaadaa

3. Yeroo baay'ee namoonni yeroo Afaan Oromootiin barreessan dogoggoroota heddutu mul'ata. Akka barsiisaa Afaan Oromootti sababni dogoggora kanaa maali jettee yaadda?
   - ✓ Xiyyeeffannoo afaanichaaf (dhabuu) kennamuu dhabuu fi isaan kenname dhabuu fi barnoota Afaan Oromootti kennamuu dhabuu

4. Dandeettiiwwan gurguddoo jiran keessaa dandeettiin barreessuu ulfaataadha jedhama. Ati yaada kana irratti waliif galtaa?
eeyyee

Maaliif
? Sirna tuqaalee eeggachuu dadhabuu
Dogoggora qubee
Qindaa'ina yaada fi ...

5. Barreeffama gaarii jechuun isiif maali?
Barreessaafi dubbisaa walitti fiduu

6. Barattoota keef abbaltii kennitee gaafa ilaaltu hanqina akkamii argita? Tarreessi
Hanqina qubee
Dogoggora qubee-gudeessa
Hanqina sirna tuqaalee

7. Tooftaan dandeettii barreessuu kutaatti barattoota ittiin madaaltu maalidha?
Hojii (Daree) kennuun
Hojii manaa kennuun
Battalee kennuun

8. Dogoggora dandeettii barreessuu keessatti uumamu akkamitti xiqqeessuun danda'ama? Dandeettii afaanii afaanii jiran keessaa dandeettii barreessuu xiyyeeffannoo itti kennuun dogoggora jiran waan barbaachisuuf salphisuun ni danda'ama.

**Dabalee 'D'** Odeeffannoo Dhuunfaa Barsiisotaa Maqaa Mana Barumsaa Waliin

| T/L | Baay'ina barsiisotaafi mana barumsaa isaanii | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Maqaa mana barnootaa | Baay'ina barsiisotaafi saaalaan | | |
| | | Dhi | Du | Id |
| 1. | Baallaa Waajja'oo | 2 | 1 | 3 |
| 2. | Nagaasii | 1 | 1 | 2 |
| 3 | Birbirsaa | 1 | 2 | 3 |
| 4 | Waaachoo | 1 | 2 | 3 |
| 5 | Geelloo | | 2 | 2 |
| 6 | Bulbul | 1 | 2 | 3 |
| 7 | Mannisaa Carii | 2 | 1 | 3 |
| 8 | Siibaa | 1 | 1 | 2 |
| 9 | Waadukkoo | 1 | 1 | 2 |
| 10 | Biqiltuu baaltoo | | 1 | 1 |
| 11 | Andoodee | 1 | 2 | 3 |
| 12 | Kitimbillee | 2 | 1 | 3 |
| 13 | Qeroo Arfeetii | 1 | 1 | 2 |
| 14 | Guddinaa | 1 | 1 | 2 |
| 15 | Sarboo lakk 1 | 1 | 2 | 3 |
| | Waliigala | 16 | 21 | 37 |

Gabatee :4.9 odeeffannoo dhuunfaa barsiisotaa maqaa mana barumsaa waliin